YUUNIVARSIITII JIMMAA

KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI HUMAANIITII

DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOO FI OGBARRUU

# XIINXALA DHIYAANNAA QABIYYEE HORSIISAAFIUUMAMA JECHOOTA AFAAN OROMOO: KITAABILEE SEERLUGA AFAAN OROMOO FILATAMANKEESSATTI

MAANNAALLEBBISHAXINAAFUUTIIN

BARA 2014/22

JIMMA

# XIINXALA DHIYAANNAA QABIYYEE HORSIISAAFI UUMAMA JECHOOTA AFAAN OROMOO: KITAABILEE SEERLUGAA AFAAN OROMOO FILATAMAN KEESSATTI

**QORATTUU:-MAANNAALLEBBISH AXINAAFUU**

**GORSAA: TASHOOMAA BALAYINEE (PHD)**

**GORSITUUN: ALAMITUU OLII (PHD)**

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA (MA) GUUTTACHUUF QOPHAA'EE YUUNIVARSIITII JIMMAA KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI HUUMAANITIITTI DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOO FI OGBARRUUTTI GALU**

**BARA 2014/22**

**JIMMA**

## Waraqaa Mirkaneessaa

## Yunivarsiitii Jimmaa

**Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo barsiisuuf gamisaan guttachuuf Maannaallebbish Axinaafuutiin, mata duree “Xiinxala Dhiyaannaa Qabiyyee Horsiisaa fi Uumama Jechoota Afaan Oromoo: Kitaabilee Seerlugaa Afaan Oromoo Filataman Keessatti” jedhurratti qophaa’e sadarkaa fi ulaagaa yunivarsiitichi kaa’e kan guuteedha.**

### Koree Qormaataa

**Qoraa alaa ___________________________ Mallattoo ___________Guyyaa___________**

**Qoraa keessaa__________________________Mallattoo____________Guyyaa___________**

**Gorsaa ________________________________Mallattoo ___________Guyyaa___________**

Itti gaafatamaa muummee yookaan walitti qabaa sagantaa digirii lammaffaa (MA)

Maqaa:____________________________________________________________

Guyyaa: ___________________________________________________________

Mallattoo:__________________________________________________________

## Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani qorattuun (barattuun) maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, qorannoon kun kan koo ta'uu isaatiifi, kanaan duraas Yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf kan hin dhihaannee ta'uusaa, akkasumaas, wabiileen qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta'een fudhadhee wabii keessattis kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa: Maannaallebbish Axinaafuu

Mallattoo________________________________________________________________

Guyyaa __________________________________________________________________

Barattuu (Qorattuu): Maannaallebbish Axinaafuu waraqaa qorannoo ishee haala seera qorannoo eegeen qopheessuun isheefi ofittisuu (deffense) muummeef galchuu ishee ani gorsaan mallattoo kootiin mirkaneesseera.

Maqaa Gorsaa: Tashoomaa Balaayinee (PHD)

Mallattooo:_______________________________________________________________

Guyyaa: _________________________________________________________________

## Galata

Waan hundaa dura jalqabaa hanga xummuraatti gargaarsa isaatiin bu'aa ba'ii heddu keessa na dabarsee ifaajee koo galmaan naaf ga'e waaqayyoon onnee koo keessaan galateeffadha. Itti aansuun nuffii tokko malee yaadafi ogummaa qabaniin na gargaaraa kan turan gorsitoota koo Tashoomaa Balaayinaa (PHD) fi Alamituu Olii (PHD) tiif galanni koo daangaa hin qabu. Itti dabaluun hojii qoraannoo kana irratti odeeffannoos ta'e yaadaafi hojii garaagaraan na gargaaruun kan na bira dhaabbatan hundumaa nan galateeffadha. Dabalataan, milkaa'ina hojii qorannoo kootiif hanga dhumaatti na waliin ta'uun yaadaan, yeroon, maallaqaafi humnaan na deeggaran maatii koo guddaan galateeffdha.

## Axereeraa

*Qorannoon kun "Xinxala Dhiyaannaa Qabiyyee Horsiisaafi Uumama Jechoota Afaan Oromoo: Kitaabilee Seerlugaa Afaan Oromoo Filataman Keessatti"jedhu xiyeeffachuun geggeeffamee jira. Barbaachisummaan isaas namoota gama xiinqooqaatiin qorannoo walfakkaataa geggeessuu barbaadaniif akka ka'umsaatti kan gargaaru ta'a jedhamee kan amanamuudha.Qorannoon kun mala iddattoo miti-carraatti dhimma ba'uun kan geggeeffameedha. Kaayyoowwan gooree qorannoo kanaa immoo jechoota Afaan Oromoo kitaabilee seerlugaa filataman keessatti haala kamiin akka dhiyaatan xiinxaluun ibseera.qabiyyeen horsiisaafi uumama jechoota Afaan Oromoo kitaabota seerlugaa filataman keessatti dhiyaate hanqina maalii akka qaban addaan baaseera. Akkasumas dhiyaannaa horsiisaafi uumama jechoota Afaan Oromoo kitaabilee seerlugaa filataman keessatti maal akka fakkaatan xiinxaluudhaan ibseera. Daangaa Qorannichaa kitaabilee seerluga Afaan Oromoo shaman qorannichaaf adda baafaman irratti xiyyeeffatamee jira. Irraawwatama qorannichaa kitaabilee seerlugaa filataman yeroo ta'u, Maddi ragaas kitaabilee seerlugaa filataman adda addaa xiinxaluudhaan geggeeffamee jira. Iddattoon qorannichaa iddatteessuu mit-carraa fayyadamuun kitaabota seerlugaa Afaan Oromoo shanan filataman irratti qorannoon kun geggeeffamee jira. Malleen Funaansa Ragaalee Kitaabilee akka madda ragaatti qorannichaaf walitti qabuun funaanuun jalqaba hojii kanaa ta'eera jechuudha. Haaluma kanaan tooftaan funaansa ragaa qorannichaa kitaabilee filatamanii sakatta'uudhaan ta'eera. Mala qaaccessa ragaa qorannoo kanaaf kitaabilee seerluga Afaan Oromoo filataman keessatti dhiyaannaa qabiyyee horsiisaa fi uumama jechootaa maal akka fakkaatan addaan baafamaniiru. Isaan booda qabiyyeen horsiisaa fi uumama jechootaa tokkoo tokkoo kitaabilee seerluga Afaan Oromoo shanan qorannichaaf filatatamanii qofaa qofaatti xiinxalliin irratti geggeeffameera.*

# BAAFATA

**QABIYYEE** **FUULA**

Galata ........ i

Axereeraa ........ ii

Ibsa Gabateewwanii ........ vi

Ibsa Gabaajewwanii ........ vii

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ........ 1

1.1 Seenduubee Qorannichaa ........ 1

1.2 Ka’umsa Qorannichaa ........ 4

1.3 Kaayyoo Qorannichaa ........ 5

1.3.1 Kaayyoo Gooroo ........ 5

1.3.2 Kaayyoo Gooree ........ 5

1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa ........ 5

1.5 Daangaa Qorannichaa ........ 6

1.6 Hanqina Qorannichaa ........ 6

BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUUWWAN WALFAKKII ........ 7

2.1Yaad-rimeewwan Garaagaraa ........ 7

2.1.1Maalummaa Xinlatii ........ 7

2.2Maalummaa Jechaa ........ 7

2.3Horsiisa Jechootaa ........ 8

2.4Ulaagaa Gareen Jechootaa Ittiin Qoodaman ........ 10

2.5Uumama Jechootaa ........ 11

2.6 Yaaxxina Xinqooqaa (Theory) ........ 12

BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA ........ 14

3.1 Saxaaxa Qorannichaa ........ 14

3.2 Irraawwatama Qorannichaa ........ 14

3.3 Madda Ragaalee ........ 14
3.4 Iddattoofi Mala Iddatteessuu ........ 14
3.5 Malleen Funaansa Ragaalee ........ 14
3.6 Mala qaaccessa Ragaa ........ 15
BOQONNAA AFUR: ODEEFFANNOO QAACCESSUU FI HIIKUU ........ 16
4.1 Xiinxala dhiyaannaa horsiisaa fi yaasa jechoota Afaan Oromoo kitaabilee seerluga Afaan
Oromoo filatamanii ........ 16
4.1.1 Jecha ........ 16
4.2 Xinjecha ........ 17
4.3 Uumamaafi Horsiisa Jechootaa ........ 18
4.3.1 Jechi Afaan Oromoo sagaleewwan dubbifamaafi dubbachiiftuu irraa uumama ........ 22
4.3.1.1 Jecha hiika qabu tokko irraa jecha biraa uumuu ........ 23
4.3.1.2 Hundee jechaarraa dhalatoo baasuun jecha horsiisuu ........ 24
4.3.1.3 Jechi duraa duuba sagalootaa jijjiiruun uumama ........ 25
4.4 Garee Jechootaa ........ 25
4.5 Dhamjecha ........ 35
4.6 Hundee Jechaa ........ 39
4.6.1 Jecha Hundee fi Hudhaa ........ 42
4.6 Maxxantoota ........ 43
4.7 Gabaabsa ........ 50
4.7.1 Faayidaa Gabaabsaa: ........ 51
4.7.2 Jechoota Gabaabsa ........ 53
4.7.3 Jechoota adda addaa irraa ........ 56
4.7.3.1 Hundee jechaa irraa dhalatoo baasuu ........ 56

4.8.1 Rakkoolee duraa duuba sagalootaa jijjiiruun uumaman ........................................ 59

4.8.2 Rakkoolee jochoota gabaabsaa ilaalchisee mul’atan ............................................. 59

4.8.3 Jechoota adda addaa irraa ........................................................................................ 60

4.8.3.1 Hundee jechaa irraa dhalatoo baasuu ilaalchisee hanqinaalee mul’atan ................ 61

BOQONNAA SHAN: GOOLABA, ARGANNOO FI YABOO ................................................ 63

5.1 Goolaba Qorannichaa ................................................................................................ 63

5.2 Argannoowwan Qorannichaa ..................................................................................... 63

5.3 Yaboo Qorannichaa ................................................................................................... 65

Kitaabilee Wabii ................................................................................................................... 66

1. Mul’istuu ‘A’ .................................................................................................................. 68

2. Mul’istuu ‘B’ .................................................................................................................. 69

3. Mul’istuu ‘C’ .................................................................................................................. 70

4. Mul’istuu ‘D’ .................................................................................................................. 71

5. Mul’istuu ‘E’ .................................................................................................................. 72

## Ibsa Gabateewwanii


Gabatee 4.1: Uumama Jechootaa ........................................................................................ 18

Gabatee 4.2: Garee {xin-} ibsu .......................................................................................... 19

Gabatee 4.3: Garee {-ima} ibsu ......................................................................................... 20

Gabatee 4.4: Jechoota guuree fi jechoota diigalaan uumaman ibsu ............................................ 20

Gabatee 4.2.1: Gochimootaa fi maqibsitoota, maqeessitootaa fi  maqaalee uumamtee ibsu ....... 27

Gabatee 4.2.2:  Gochima, fufii/dhamjecha yaasaa fi aqibsa yaasaa ibsu...................................... 31

Gabatee 4.2.3:  Maqaa, durduubee fi   gocibsa ibsu ..................................................................... 34

Gabatee 4.5.1: Dhamjecha ........................................................................................................ 35

Gabatee 4.6.1: Jecha hundee xumurtuulee bamaqaalee wajjin ibsu ............................................ 40

Gabatee 4.6.2: Yoo sagaleen xumuraa jabaafi irra butaatti aanee dhufe ibsu ............................. 41

Gabatee 4.6.3:Yoo sagaleen xumuraa jabaafi irra butaatti aanee dhufe ibsu ............................... 42

Gabatee 4.6.4: Jecha hundee fi hudhaa ibsu ..................................................................... 43

## Ibsa Gabaajewwanii

Fkn - Fakkeenya

Hub – Hubachiisa

Lakk - Lakkoofsa

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1 Seenduubee Qorannichaa

Afaan meeshaa dhalli namaa qaamolee dubbiitti fayyadamuun ittiin waliigaltee taassisudha. Yaaduma kanaan walqabsiisuun Handayani & Johan (2018: 125) “Language is *means of communication that is used to convey feelings, ideas, and information from one person to another*”. Yaada kanarraa kan hubatamu afaan karaalee ittiin yaada ofii, dhageettii keessoo ofii, odeeffannoowwan nama tokkorraa yookin namootarraa gara nama yookin namoota birootti kan ittiin daddarbuufi kan hawaasa walqunnamsiisu akka tahe agarsiisa. Afaan Orromoos afaanota uummatni bal’aan ittiin walii galuun yaada isaa ibsatu keessaa isa tokkodha.

Afaan Oromoo kunis uummata abbaa afaanichaa ta’e saba Oromootiin bal’inaafi heddumminaan Itoophiyaarra darbee gaanfa Afrikaa keessatti kan dubbatamudha.Wa’ee uummata Oromoo ilaalchisee Akka Gragg (1982:185), ibsutti “Oromo people live on a huge area of land sharing boundaries with Sudan in the west, Addis Ababa in the center, Harar in the east, northern Kenya in the south, and Wallo in the north”. Waraabbii olii kanarraa hubachuun akka danda’amutti uummatni Oromoo lafa bal’aa qabate; hawaasa adda addaan kan waldaangessuu yoo tahu; Dhihaan Sudaan, giddu galessi isaa Finfinnee, Bahaan Harar, Kaaba-Kibbaan Keeniyaafi Kaabaan hanga Wallootti kan jiru tahu mul’isa.

Yaada olii kana kan cimsu ilaalchisuun qorattootni garaagaraa qorannoo bal’aa geggeessaniiru. Kanneen keessaas, Biiroon Aadaafi Tuurizimii Oromiyaa (2015:85) akka ibsutti, “Uummatni Oromoo damee saboota kuush keessaa isa bal’aafi uummata lafa bal’aarra dagaagee jirudha. Haaluma bali’inaafi guddina uummataatiin Oromoon gosoota (damee) hedduu qaba. Isaanis: Maccaafi Tuulama, Siikkoofi Maandoo (Arsii), Gujii, Sabboofi Goona (Boorana), Ituufi Humbanna, Raayyaafi Azeeboodha” jechuun ibseera.
Uummatni Oromoo damee saboota kuush keessaa isa bal’aafi lafa bal’aarra dagaagee jiru kun dubbataa Afaan Oromooti. Waa’ee Afaan kanaa ilaalchisee yaada beektotaan kennaman keessaa

> *“Afaan Oromo, one of the major languages that is widely spoken and used in Ethiopia, is morphologically very productive; derivation, reduplication and compounding are also common. Obviously, these extensive inflectional and derivational features of the language are*

*presenting various challenges for text processing and information retrieval tasks in Afaan Oromo."[G.A. Oromo 1995:21]*

Yaada kanarraa akka hubatamutti; Afaan Oromoo Afaanota Itoophiyaa keessatti balinaan dubbataman keessaa kan hawaasni Oromoo balinaan itti fayyadamudha. Akkasumas, gama qo'annoo xiinjechaan afaan balinaan itti fayydamni isaa beekamu akka ta'eefi haala uumamsa, hormaataafi diigalaan balinaan kan mul'atu akka ta'etu hubatama.

Afaan Oromoo kanaan dura afaan saayinsifii teknooloojii ta'ee akka afaanota biroo guddachuu baatus baroottan dhihoo asitti hanga ta'e jijjiirama guddinaa agrsiisaa jira. Guddinaa afaan tokkoof immoo jechoonni afaan sanaa gahee olaanaa qabu. Adeemsa baruu barsiisuu afaan tokkoo keessatti bu'uura kan ta'u jecha afaan sanaati.Jechi tokkoo adeemsa yookiin ergaa tokko yookiin tokkoo ol of keessaa qabaachuu danda'a. Jechi tokko ammo dhaamsawwan tokkoo ol yammuu ofkeessaa qabaatu unkaawwan dhaamsa jechoota kanaa baruuf akkaataa uumama jechootaa hubachuun baayyee barbaachisa.

Geetaachoo (2001) akka jedhetti, haala uumama jechootaa akkaataa armaan gadiitiin ibsee jira. "Sagaleeleen dubbii akkaataa hiika qabaachuu danda'aniin walfaana bu'uun kan ijaaraman jecha" jedhama jechuun ibseera.Yaada armaan olii kanarraa hubachuun akka dandaa'amutti, jechoonni Afaan Oromoo sagaleelee dubbii afaanicha keessa jiraniin akkaataa hiikaa fi ergaa qabaachuu dandaa'aniin qindaa'anii walfaana hiriiruun uumamuu danda'uu isaaniiti. Afaan adda addaa keessatti jechoonni karaa adda addaatiin uumamuu nidanda'u .Afaan Oromoo keessattis jechoonni bifa adda addaatiin ijaaramu. Malli jechoonni afaan tokko keessatti ittiin ijaaraman immoo uumama jechootaaf kan karaa saaquudha. Kanaafuu, qorannoowwan adda addaa akka agarsiisanitti afaan kamiyyuu keessatti jechoonni afaanichaa adeemsa garagaraa hordofuun kan wal horaniifi kan uumaman akka tahe agarsiisu.

Akka yaada barreessaa olii kanaatti jechootni sagalee dubbifamaafi dubbachiiftuu irraa akka ijaaraman lafa kaa'eera. Kunis sagaleen jecha tokko ijaaruudhaaf wal faana bu'an birsagoota jedhamu.Jecha tokko irraa jecha biroo baasuunis akka danda'amu ibseera.Kunis duraa duuba sagalootaa jijjiiruu fi sagaloota jecha tokko keessatti argaman irraa jechoota uumuu akka danda'amu agarsiisa. Akkasumas, hundee jechootaa irraa dhalatoo baasuun jecha biroo uumuu akka danda'amu yaada kanarraa hubanna.

Gama birootiin jechoonni kan uumamuu dada’an gama diigalaan (tishoo) tiin ta’uu danda’a. Jecha tishoo jechuun jechoota hiika qaban lama walitti fiduun jecha hiika qabu tokkofi baayyachuu yookiin danachuu danda’u tokko uumu jechuudha. Jechoota tishoo Afaan Oromoo keessatti haala lamaan ijaaramuu akka danda’amu innis; sarara xiqqaan walitti fiduufi walitti siqsuun barreessuun kan danda’amu ta’uu isaati.

Afaan Oromoo gama xiinjechaatiin (Morphologically) dureessa. Kuni immoo horsiisuufi yaasuun (uumuun) guddina jechoota afaanichaa dabaluuf mijaawaa ta’uu isaa agarsiisa. kana irraa kan ka’e jechoota isaa lakkoofsaan hedduu, amalaanis ammuma sana ta’e kophaa kophaatti xiinxaluun dadhabsiisaa ta’uu Addunyaan Temesgen (1995)wabeeffachuun ibsee jira.

Uumama jechootaa keessaa tokko ammoo gabaajessuufi kottoonfachiisuu yoo ta’u, gabaajee jechuun mala barreeffamni dheeraa, maqaa dhaabileefi kan kana fakkaatan qubee jalqabaa funaanuun mala ittiin gabaabatanii barreefamaniidha. Kottoonfachiisuun ammoo mala jechi dheeraan tokko gabaabbatee ittiin barreefamudha. Innis jecha sana keessaa qubeewwan muraasa fudhachuun kan kaa’amu ta’a.

Uumama jechootaa kanaaf kallattii biraatiin ammoo afaanonni garaagaraa jechoota adda addaa walirraa ergifachuun itti dhimma bahu. Haalli kun haala jechoonni ittiin uumaman keessaa tokko ta’uu agarsiisa. Akka waliigalaatti, Afaan Oromoo jaarraa hedduudhaaf afaan hacuucamaa tureedha. Yeroo ammaa kana ammoo afaan kun afaan barnootaafi afaan hojii ta’uun daandii guddinaa eegalee jira. Daandii guddinaa kana itti fufsiisuuf ammoo qorannoon afaan kana irratti geggeeffamu murteessaadha.

Bu’uurri afaan tokkoo jechoota afaan sanaati waan ta’eef xiinxala dhiyaannaa qabiyyee horsiisa fi uumama jechootaa Afaan Oromoo gara fuula duraatti fooyya’ina akka qabaatu gochuuf qorannoo kana geggeessiteetti. Kanaafuu, mata duree qorannoo ‘Xiinxala Dhiyaannaa Qabiyyee Horsiisaafi Uumama Jechoota Afaan Oromoo: Kitaabolee Seerluga Afaan Oromoo Filataman kanneen akka Furtuu-Seerluga Afaan Oromoo (2019)-maxxansa 6ffaa, Quba Qabduu? Bu’uuraalee Barnoota Afaan Oromo (2015), Seer-luga Afaan Oromoo (2014) Seerlugaafi Hundee Jechoota Afaan Oromoo (2001) Natoo: Yaad-rimee Caasluga Afaan Oromoo (2017) jedhaman irratti gaggeeffameera.

## 1.2 Ka’umsa Qorannichaa

Qorannoon kun kitaabilee Furtuu-Seerluga Afaan Oromoo (2019)-maxxansa 6ffaa, Quba Qabduu? Bu’uuraalee Barnoota Afaan Oromo (2015), Seer-luga Afaan Oromoo (2014) Seerlugaa fi Hundee Jechoota Afaan Oromoo (2001) Natoo: Yaad-rimee Caasluga Afaan Oromoo (2017) irratti kan xiyyeeffateedha. Ulaagaan kitaabileen kunneen qorannoo kanaaf filatamanis xiinxalliin dhiyaannaa qabiyyee horsiisaa fi uumama jechootaa Afaan Oromoo ilaalchisee hanga ammaatti qorannoon irratti adeemsifamee waan hin jirreef filatamanii jiru.

Qorannoowwan akka ka’umsaatti fudhataman keessaa Temesgen (1993) qorannnoo mata dureen isaa; “Word formation in Oromoo” jedhu fi Wakweya Olani (2014): “Inflectional Morphology in Oromo” yoo ta’an, Temesgen Negasa (1993) “Word formation in Oromoo” jedhu xiyyeeffannoon isaa adeemsa uumamsa jechootaafi hiika jechoota uumaman irratti sababii fufiileen mul’ataniif ibsee jira. Wakweya Olani (2014): “Inflectional Morphology in Oromo” kan jedhu immoo dhimma caasaalee ijaarsa jechoota afaan tokkoo gadi fageenyaan kan xiinxaleera. Qorannoon qorattuun kanaa immoo ‘Xiinxala dhiyaannaa qabiyyee horsiisaa fi uumamsa jechootaa Afaan Oromoo irratti waan taheef garaagarummaa qabu.

Walumaagalatti, qorannoowwan olitti eeraman marti afaan Ingiliziin kan dalagamaniifi kaan immoo dhamjechootaafi dhamsagoota afaanota Kuush lameenii wal dorgomsiisuu irratti yoo tahu, dhiyaannaa Uumamsa jechoota Afaan Oromoo irratti waan hin xiyyeeffanneef qaawwaa kana duuchuuf kan dalagameedha.

Kanaafuu,qorannoon kun qaawwaa gama malleen dhiyaannaa uumama jechoota Afaan Oromoo kitaabota seerlugaa keessatti moggaasa, yaasaa, tishoo, ergifannaa, gabaajessuu, hiika bal’isuu, toonii jijjiiruufi suphuun haala kamiin akka dhiyaatan, hanqina maalii akka qabaniifi furmaata isaa barbaaduuf kan geggeeffameedha.

Kanamalees, gaaffiileen bu’uuraa armaan gadii deebii akka argataniif jedhamee geggeeffameera.

- ✓ Horsiisnii fi uumamni jechoota Afaan Oromoo kitaabilee seerlugaa filataman keessatti haala kamiin dhiyaatanii jiru?
- ✓ Horsiisaa fi uumama jechoota Afaan Oromoo kitaabilee seerlugaa Afaan Oromoo filataman keessatti hanqina maaliitu jira?

- ✓ Rakkooleen horsiisaa fi uumama jechoota Afaan Oromoo kitaabilee seerlugaa filataman keessatti mul'atanii maal fa'i?

## 1.3 Kaayyoo Qorannichaa

Kaayyoon qorannoo kanaa iddoo lamatti qoodamu. Isaanis: Kaayyoo gooroofi gooreetti qoodamuun akka armaan gadiitti dhiyaatanii jiru.

### 1.3.1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannichaa, kaayyoo dimshaashaa ykn waliigalaati. Kanaafuu akka dimshaashaatti, "Xiinxala Dhiyaannaa Qabiyyee Horsiisaa fi Uumama Jechoota Afaan Oromoo: Kitaabilee Seerluga Afaan Oromoo keessaa filataman" jedhu irratti xiyyeeffameera.

### 1.3.2 Kaayyoo Gooree

Kaayyoleen gooree qorannoo kanaa kaayyoolee murtaa'oo ta'anii kanneen tajaajila irra oolaniidha. Kaayyooleen kunis kaayyoo gooroo ykn waliigalaa jalatti argamu. Kanaaf kanneen armaan gadii kunneen kaayyoolee gooree qorannichaa hojiirra oolaniidha.

- ✓ Horsiisaa fi yaasa jechoota Afaan Oromoo kitaabilee seerlugaa filataman keessatti haala kamiin akka dhiyaatan xiinxaluu,
- ✓ Qabiyyeen horsiisaa fi yaasa jechoota Afaan Oromoo kitaabilee seerlugaa Afaan Oromoo filataman keessatti hanqina maalii akka qaban addaan baasuu fi
- ✓ Rakkoolee dhiyaannaa horsiisaa fi uumama jechoota Afaan Oromoo kitaabilee seerlugaa filataman keessatti mul'atan addaan baasuu fa'i.

## 1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa

Barbaachisummaan qorannichaa kanneen armaan gadiiti.

- ✓ Manneen kitaabaa keessa olkaa'uun namootni argatanii yoo dubbisan akka madda ragaatti tajaajilamu.
- ✓ Qaamolee mataduree kana irratti qorannoo gaggeessuu barbaadaniif akka ka'umsaatti tajaajiluu danda'a.
- ✓ Namoota gama xiinqooqaatiin qorannoo walfakkaataa geggeessuu barbaadaniif akka ka'umsaatti gargaara. Haalawwan kanneen bu'uureffachuudhaan qorattuun qorannoo kanaas

haala dhiyaannaa horsiisaa fi uumama jechootaa Afaan Oromoo: Kitaabilee seerlugaa Afaan Oromoo filachuufi xiinxaluun qorannoon bu'a qabeessa ta'e geggeeffameera.

## 1.5 Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun mataduree "Xiinxala Dhiyaannaa Qabiyyee Horsiisaa fi Uumama Jechoota Afaan Oromoo: Kitaabilee Seerluga Afaan Oromoo keessaa filataman irratti dalagameera. Kitaabileen filatamanis: Furtuu-Seerluga Afaan Oromoo (2019)-maxxansa 6ffaa, Quba Qabduu? Bu'uuraalee Barnoota Afaan Oromo (2015), Seer-luga Afaan Oromoo (2014) Seerlugaafi Hundee Jechoota Afaan Oromoo (2001) Natoo: Yaad-rimee Caasluga Afaan Oromoo (2017) irratti gaggeeffama. Qabiyyeewwan kitaabilee filataman keessa jiran keessaa haala jechootni itti uumaman gadi fageenyaan kan xiinxalamaniiru. Kitaabota filataman kanneen keessatti adeemsa ittiin jechoonni Afaan Oromoo ibsamaniifi caasaaleen jechootaa kanneenii bal'inaan xiinxalamuun ibsi itti kennameera.

## 1.6 Hanqina Qorannichaa

Qorannoo kana geggeessuu keessatti hanqinaaleen mudataa turan hedduudha. Isaanis: Muuxannoo qorannoo geggeessuu dhabuu, yeroon qorannoof laatame gahaa ta'uu dhabuu, rakkoolee kitaabilee wabii, rakkoolee meeshaalee barreessaa, yeroo kenname keessatti gorsaan wal-arguu dhabuu fi gorsaan sirnaan deggersa barbaachisu kennuu dhabuu fa'i.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUUWWAN WALFAKKII

## 2.1 Yaad-rimeewwan Garaagaraa

### 2.1.1 Maalummaa Xinlatii

Akka hayyoonni xiinqooqaa hedduun jedhanitti, xiinlatiin dhimma caasaa jechootaarratti xiyyeeffata. Hayyoota kanneen keessaa Spencer (2002:115) akka ibsetti, “Afaanotni marti jechoota qabu; jechootni afaanii tokko tokko ammoo yoo xinnaate caasaafi latii tokko yookiin isaa ol qabaatu” jedha.

Xiinlatiin damee xiinqooqaa caaasaa jechootaa addaan baasee qo’atuu yookiin xiinxaludha. Akka Spencer (2002: 105) ibsanitti, latiin qaama jechaa isa xiqqaa dhaamsa dabarsuu danda’uufi latiilee biroo hiika qabanitti addaan qoodamuu kan hindandeenyeedha. Jechootni latiilee tokkoo ol qabaachuu danda’u. Fakkeenyaaf, ‘nam-oota, mur-uu-f’jechootni jedhan latiilee lama lama of keessaa qabu. Jechoota kanneen latiilee lamaa olitti addaan caccabsuun hindanda’amu. Latiileen hiikawwan garaagaraa qabaachuu danda’u. Hiikni tokko tokko qabatamaa ta’uun salphaatti yoo ibsaman, fakkeenyaaf hiikni latiilee ‘nam-fi muruu jedhan hiika qabatamaa qabu. Hiikni latiilee **-ootafi-f** jedhanii garuu, sadarkaa yaadaatti malee hiika hin qabanu.

Yaadrimeewwan xiinlatiifi latiirraa ka’uun jechootni caasaa walxaxaa ta’e qaban latiilee walqabatoo ta’anirraa akka uumamaniifi caaseffamni isaanii kun haala caaseffama himaatiin kan walfakkatu ta’uufi latiileen caaseffama isaanii keessatti dhamsagoota akka of keessaa qaban agarsiisa.

## 2.2 Maalummaa Jechaa

Akka Geetaachoo (2005:53) ibsutti, sagaleeleen dubbii akkaataa hiika qabaachuu danda’aniin ijaaraman jecha jedhamu. Sagaleeleen jecha tokko ijaaruuf walfaana bu’an birsagoota yoo ta’an qindoominni birsagoota kanaa jecha jedhama jechuudha jedha.

Waa’ee jechaa ilaalchisee, Katamba (1994:41) akka ibsetti,“Words have internal structure which is created by word – building elements. The elements include root and affixes. Root is the irreducible core of word with absolutely nothing else attached to it. It is the various part that is always present, possibly with some modification in the various manifestation of a lexeme” For

example walk is a root and it appears in the set of word – form. For example : Walks = root:walk, inflectional affix: -s and walk (root), maker noun – er. Affix is a morpheme which only occurs when it is attached to some other morphemes such as a root or stem or base. Akka yaada kanaatti, jechoonni qindoomina dhamjechootaan kan ijaaraman ta'uu danda'uu isaa irraa hubachuun ni danda'ama.

Hayyotni jecha gama adda addaatiin hiikaniiru. Crystal (1997) Jurafsky and Martin (2000), qaama himaa kan gama lamaaniin bakka duwwaan (white Spece) daangeffame jechuun hiiku. Haata'u malee hiika qabaachuufi walaba ta'uun jecha qofa osoo hin taane, dhaamjechootaafis ni hojjeta.

Yaada olii kana kan deggaru Adunyaa (2012) yoo ibsu, Jechi qindoomina dhamsagootaa, birsagootaafi dhamjechootaa kan unkaalee hiika tokkoofi isaa ol qabaniin dhiyaachuu danda'ufi afaan tokko keessatti of danda'ee dhaabbatuudha jechuun nidanda'ama jedhee ibseera. Dabalataanis maalummaa jechaa ilaalchisee Addunyaa (2010) yoo ibsu; "afaan barreeffamaa bu'uura godhachuun, of danda'ee kan dhaabbatu, unka xiinqooqaarratti kan hundaa'uudha. Namni tokko afaan hawaasa keessatti dhalatee daa'imummaan waan eegaluuf, jecha tokko eessaa eegalee eessatti akka dhaabbatu, rakkoon akka tisheessuufaa jiraatullee salphaatti hubachuu danda'a"jedha..

Karaa gara biraatiin, jechi kan hiika qabuufi of-danda'ee kan dhaabatuudha. Jechi tokko hiika tokkoo ol qabaachuu danda'a. Fakkeenyaaf, jechoota "nama" fi "namoota" jedhu fudhannee yoo ilaalle jechoota lama. garuu, hiika isaanii yoo ilaalle jechi "nama" jedhu hiika tokko qofa yemmuu qabaatu, jechi "namoota" jedhu immoo hiika tokko ol kan qabu ta'uusaa agarsiisa. Jechi dhamjechoota of danda'aa lama yookaan lamaa ol of keessaa qabu jecha dachaa jedhamuun beekama. Yeroo hedduu barnoota seerluga Afaan Oromoo keessatti jechi dachaan tishoo jedhamanii beekamu.

## 2.3 Horsiisa Jechootaa

Jechoonni afaan tokkoo guddachuufi afaan barnootaa tahu keessatti horsiisni jechootaa murteessoodha. Horsiisni jechootaa kun immoo gareewwan garagaraa kan qabaniidha. Gareewwan afaan tokko qabu beekuuf immoo qorattootni afaanii ulaagaa garagaraa dhiyeessu. Kanneen keessaa muraasni; Poole (1999: 67) " there are criteria that we use to classify words

under different word classes. These are: morphological criteria, syntactic criteria and semantics criteria" kanneen tarreessuun ulaagaa jechoota afaan tokko ittiin gareetti qoqqoodnu ibseera. Yaada barreessaa kanaarraa waanti hubatamu jechoota afaan tokkoo gareetti addan qooduuf ulaagaan fayyadame; xiinlatii, xiinhimaafi xiinhiika akka ulaagaa bu'uuraatti fudhateera.

Xiinhiikni hiika jechootni qabaniin garee jechaa sana mala ittiin barrudha. Xiinlatiin jechoonni afaan tokkoo latiilee kam kam fudhachuu akka danda'aniifi akkamitti akka fudhatan kan xiinxaludha. Xiinhimni immoo jechoonni waliin qindaa'anii hima ijaaruu keessatti duraa-dubuummaafi irraa jalummaa jechoonni sun qaban kan addeessudha. Addunyaa (2010: 65).Afaan Oromoo keessatti duraaduubni hiriira jechootaa M+A+G kunis matimni dursee, aantimni yookin irraawwatamaafi gocha raawwatame kan agarsiisu ta'a. Fakkeenyaaf, Tolaan leenca ajjeese' kan jedhu keessatti 'mathimni-Tolaa, antimni-Leenca yoo ta'u,'ajjeese kan jedhu immoo gochimadha.

Itti aansuudhaan ulaagaalee qoqqooddii garee jechootaa ilaalchisee, Addunyaa (2012:107) yoo ibsu, ulaagaalee gurguddoon ittiin jechoota afaan tokkoo gareetti qoodnu sadii jechuun tarreesseera.. Isaanis: Ulaagaa xiinhiikaa, ulaagaa xiinhimaafi Ulaagaa xiinjechaa ta'u jedha. Bu'uurumaa kanaan jechootaa Afaan Oromoo gareewwan gurguddoo afuritti qooduun ibse jira. Gareewwan kunneenis:

### A. Maqaa

Afaan Oromoo jechoota gareen isaanii maqaa ta'anii tajaajila garagaraaaf oolan qaba. Carter & McCarthy (2006:185) akka ibsanitti, "Noun is the name of object or idea". Waraabbii kanarraa akka hubannutti maqaan kan meeshaaleen yookin yaadni ittiin waamau tahuu isaa agarsiisa. Gareen jechootaa kun moggaasa waantota addunyaa kanarra jiran kanneen akka namoota, uummata, bakkeewwan garagaraafi gochaalee fa'iif kan kennamu tahu hubachuun nidanda'ama. Maqaaleen kunneenis gareewwan adda addaa kan qabanidha.

### B. Maqibsa

Maqibsi garee jechoota Afaan Oromoo keessaa isa tokko akka tahe barreessitootni adda addaa ni ibsu. Kanneen keessaas, (Carter & McCarthy, 2006: 187) akka ibsanitti,"Adjectives describe properties, qualities or states attributed to a noun or a pronoun." Yaada kanarraa akka hubatamutti, maqibsi maqaa yookin bamaqaa kan ibsudha. Maqibsi maqaa booda galuun waa'ee maqaa sanaa gama bifaan, amalaa, akkataafi hangaan kanneen ibsudha. Gama dhamjecha fufachuufi akkaataa fufachuun yoo ibsamee immoo, dhamjechoota garagaraa ofitti fufata.

Dabalataan immoo hiriira himaa keessattis maqaa ibsuu maqaa dura yookin duuba galuun maqaa sana kan addeessudha.

### C. Gochimaa

Gochimni garee jechoota Afaan Oromoo keessa isa tokko yoo tahu; gocha yookin tahiinsa raawwate kan agarsiisudha. Carter & McCarthy (2006:213) akka ibsanitti "Verb is a word that expresses action or state of being"jedhu..Yaada kanarraa kan hubatamu gochimni gocha raawwateefi tahiinsoota kan ibsudha. Akaasumas, gochimni fufiilee adda addaa fufachuun danoomina, koorniyaa, hennaafi ramaddii agrsiisuu danda'a.Kana malees, hiriira himaa keessatti dhuma himaarra galuun raawwii yookin tahiinsota kan mul'isudha.

### D. Durduubee

Addunyaan (2012:224) akka ibsutti, durduubeen dura yookin duuba maqaa galuun tajaajila garagaraaf kan oolu akka tahe ibsa. Gareen jechaa kun hormaataafi uumamasa jechootaa keessatti qooda kan hinqabneefi tajaajila qofaaf kan dhaabbate akka tahe agarsiisa. Dabalataan Addunyaan (2010:) akka ibsetti, garee jechoota keessaa durduubeen garee jerchoota maseenoo jechuun waama. Sababiin isaas gareen jechoota kun hormataafi uumasa jechoota keessatti kan qooda hin qabneefi tajaajila qofaaf kan dhaabbatan waan tahefidha.

## 2.4 Ulaagaa Gareen Jechootaa Ittiin Qoodaman

Jechootni afaan tokko keessatti argaman hiika, qubannaafi unkarratti hundaa'uun haala qorannoofi qo'annoof mijatuun qoqqoodamu. Afaan Oromoos akkuma afaanota biroo seera mataasaarratti hundaa'uun garee jechootaatti qoodama. Jechoota Afaan Oromoo gareewwan garaagaraatti qooduun amala isaanii gadi fageenyaan qo'achuurratti gahee guddaa qaba. Meeqummaan gareewwan kanaas amala afaanichaa faana kan murataa'u ta'uu isaafi yaada kanas kan dhugoomsu hayyuu 'Green baum'fi Nelson (2002) akka ibsanitti, " one can set as many classes and sub-classes as her/his language allows" jedhu. Kunis kan agarsiisu qoqqooddiin garee jechootaa afaan tokkoo afaanicha gareetti yookiin garee xixiqqaatti qooduuf akkaataa afaan sanaa kan bu'uureeffatu ta'uu isaati.

Qoqqooddii garee jechota afaaniitiif bu'uurri inni guddaan hiika haata'u malee, hiikni akka ulaagaa guddaatti dhiyaachuun jechoota garee tokko jala waan galchuuf dabalataan ulaagaalee biroo bu'uureeffachuun barbaachisaa ta'a. Yaada kanas kan cimsu 'O'Gray'(1996) ulaagaaleen

jechoota gareetti qooduuf tajaajilan afaan irratti kan hundaa'u ta'ee, hiika, unkaafi faca'iinsa bu'uureeffachuu akka qabu ibsa.

## 2.5 Uumama Jechootaa

Jechoota ijaaruun seera mataa isaa kan qabu yammuu ta'u, jechoonni kan uumaman dhamjechoota adda addaa jecha tokkotti dabaluun ta'a. Akka Hatch & Brown (1995:170) akkasumas, O'Grady & Guzman (1996:151- 158) jedhanitti, Adeemsi jechoonni ittiin uumaman gosoota adda addaatu jiru. Kanneen keessaa muraasni: Qorataan Siahaan (2020:128), qorannoo isaa 'Analysis of Word Formation Process' jedhu keessatti haala armaan gadiitiin kaa'eera.
According to Kiristen Malmkjaer (2010) "morphology is concerned with the forms of words themselves. There is another definition of morphology from Aronoff (2011) Morphology is a study of the structure or form of something. Carstais – Mccarthy (2002) stated 'Morphology is area of grammar concerned with the structure of words and with relationships between words involving the morphemes the compose them" Yaada barreessitootaa kanarraa kan hubatamu xiinjechi saayinsii waa'ee seerluga jechoota qoratu akka taheefi haala uumamsaafi walitti dhufeenya jechoota gidduu jiru kan xiinxalu ta'uu isaati..

Akka hayyuun Aronoff (2011) jedhetti, "The word formation process is with in the scope of the morphology study. word formation is the creation of new lexeme from one or more other lexemes through the application of some morphological process such as affixation or compounding". Akka yaada hayyuu armaan olii kanaa irraa hubatamutti, dhamjechoonni adda addaa walitti dhufanii jecha ijaaruu akka danda'an, akkasumas walitti dhufeenya sagaleelee jechootaa kan qoratu ta'uu agarsiisa. Afaan adda addaa keessatti jechoonni karaa adda addaatiin uumamuu ni danda'u. Afaan Oromoo keessattis jechoonni bifa adda addaatiin ijaaramu. Yaada kanas Geetaachoo (2019) haala armaan gadiitiin akka jechootni ijaaramuu danda'an ibseera.

### 2.5.1 Yaasa

Qaamole jechaa ilaalchisee Addunyaa,(2012) yoo ibsu, "Jechi qaamolee adda addaa of keessa qabaachuu danda'a. Qaamooleen kunis hundee jechaa (root), bu'uura jechaa (base)fi bu'uur hortee ta'u"jedhee ibsa. Yaada kanarraa wanti hubatamu, jechi tokko qaamolee adda addaa kan qabuufi ergaa adda addaa kan dabarsuu tahuu isaati. Dabalataanis Addunyaan (2011) Bauer (1983, f.20) wabeefaachuun yoo ibsu, "hundeen jechaa qaama jechaa kan yaadrimee tokko baatu

ta’ee, yaasaafi hormaata jechootaatiif ka’umsa” jechuun addeessee jira. Hayyuun Katamba (1993:41) hundee jechaa yoo ibsu, “A root is the irreducible core of a word, with absolutely nothing else attached to it. It is the part that is always present, possibly with some modification, in the various manifestation of a lexeme”jedha. Waraabbii olii kanarraas wanti hubatamu hundeen jechaa (Root word) qaama jechootaa dhamjecha hin fufanne yemmuu tahu; yoo fufachuu barbaade immoo kan fufachuu dandahudha. Akkasumas, hundeen jechaa kun dhamjechoota unka adda addaa uuman dabalachuu kan danda’u ta’uu isaati.

## 2.6.Yaaxxina Xinqooqaa (Theory)

### A. Yaaxxina Caasaa (Structural Theory)

Dayeessi kun biyya Ameerikaa keessatti bara 1960 keessa kan madde yoo ta’u, warri yaada kana deeggaran ykn Leellistoonni yaada kanaa Andre Jolles, Lord Rangla Vladimir Prop, Parry fi Alen Dundes fa’aa turan. Beektoonni kunneenis qorannoo garaa garaa gama daayeessa kanaan kan gaggeessaa turanifi barbaachisummaa daayeessa kanaa warra tumsaniidha. Qo’annoo xiinqooqaa keessatti xiyyeeffannoo guddaa argachuu kan qabu caasaa jechaati. Kanaafuu, qorannoo kana keessatti haalli uumamaa fi horsiisa jechootaa haala dhiyaannaa, hanqinaafi furmaata hanqinichaa barbaaduuf qorattuun yaaxxina kana fayyadamuun kan xiinxalteetti.

Qorattoonni fookiloorii, xiin-aadaa (Anthropology), Xin-qooqaa (Linguistics)fi kanneen biroo yaaxxina caasaa (Structuralism) jedhutti akka fayyadaman beekama. Yaaxxina kana ilaachisee, Simsfi Stephens (2005:179) jedhanitti, “Structuralist analysis should reveal a basic under lining pattern which accounts for all the parts of the whole and how they relate to each other in forming the whole” jedhu. Kana jechuunis yaaxxinni kun wantoonni adda addaa walitti dhufeenya uumanii tokkummaa wanta tokko akkamitti akka ijaaraniifi hariiroo wantoota qaama tokko uuman gidduu jiru xiinxaluuf qorattoonni itti gargaaramuu kan agarsiisudha. Qorattuun qorannoo kanaas, yaaxxina kana kan fayyadamteef, haala qabiyyee dhiyaannaa horsiisaa fi uumama jechootaa Afaan Oromookitaabilee seer-lugaa Afaan Oromoo filataman keessatti maal akka fakkaatuufi haala ijaarama caasaa jechootaa addaan baafachuuf waan isheef mijatuuf yaaxxina caasaa itti gargaaramteetti.

## B. Yaaxxina Aadaheddee

Yaadiddamni kun kan madde bara walakkaa jaarraa 19 ffaa keessa yammuu ta'u kunis nama Edward Taylor jedhamuun akka ta'e Banuman (2005) ni ibsa. Akkasumas yaadiddamni kun irra caalaa afoollan adda addaa walitti fiduudhaan garaagarummaa fi tokkuummaa isaanii bakka tokkotti fiduudhaan walbira qabuudhaan qorachuu irratti kallattii kan qabisiisuudha.

Kunis kan ibsu xiinqooqa (linguistics),sanyaalessa (ethnology),xiinsammuu (phychology), muuziqaa (musicology) ,diinagdee (economics) ,asdhufa sanyii dhala namaa (ethno-history) fi xiinwaasa (sociology) biyyoota adda addaa walitti fiduudhaan walbira qabuun ykn walmadaachisuun qorachuuf barbaachisaadha.

Dabalataan qorattuun qorannoo kanaa yaadiddamma Aadaheddee kanatti kan fayyadamte yoota'u kunis yaaxinni kun wantoota adda addaa walitti fiduudhaan walbira qabuun ykn walmadaalchisuun qorachuuf waan gargaaruuf , qorannoo kana keessatti kitaabilee filataman walitti fidanii xiinxaluuf gargaara yaada jedhu qabdi.

# BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA

## 3.1Saxaaxa Qorannichaa

Qorannoo tokko geggeessuudhaaf jalqaba adeemsa qorannoon sun keessa darbu hubachuun barbaachisaadha. Qorannoo kana keessattis qorattuun saxaxa xiinxalaa fayyadamteetti. Sababiin isaas, qorannoo kana galmaan gahuuf kitaabilee seerluga Afaan Oromoo filataman irratti haala dhiyaannaa qabiyyee horsiisaa fi uumama jechoota Afaan Oromoo xiinxaluun ibsamaniiru.

## 3.2Irraawwatama Qorannichaa

Irraawwatamni qorannichaa kitaabilee Seerluga Afaan Oromoo filataman shanan Furtuu-Seerluga Afaan Oromoo (Oromo Grammar): Kutaa 9 fi 10: Maxxansa 6ffaa (2019),Seerlugaa fi Hundee Jechoota Afaan Oromoo (2001),Natoo: Yaad-rimee Caasluga Afaan Oromoo (2017)fi Seerluga Afaan Oromoo (Oromo Grammar): Saaqaa Afaan Oromoo (Oromo Guide) fa’i.

## 3.3Madda Ragaalee

Adeemsa qorannoo gegeeeffamu tokko keessatti maddi ragaan irraa argamu jiraachuun barbaachisaadha. Qorannoon kunis akka madda ragaatti kitaabilee seerlugaa adda addaa xiinxaluudhaan geggeeffamee jira. Xinxalliin geggeeffames uumamaafi horsiisa jechootarratti waan ta’eef, akka madda ragaatti kan gargaaran kitaabilee seerluga Afaan Oromoo filatamanii dhiyaatan ilaalchisee xiinxalliin geggeeffameera.

## 3.4Iddattoofi Mala Iddatteessuu

Qorannoo kana geggeessuu keessatti iddattoo mala kaayyeffataa fayyadamuun kitaabota seerluga Afaan Oromoo shan kan filataman ta’eera. Erga kitaabota kana addaan baafattee qorattuun kitaabota kana sakatta’uun odeeffannoo sirriifi gahaa tahu jette kan itti amante filattee odeeffannoo irraa walitti qabatteetti. Kanuma irraa ka’uudhaan, gosoota iddattoo lamaan mala carraafi mala mit-carraa keessaa qorannichaaf kan mijatu-mala mit-carraa (Non-probability sampling) tti fayyadamuun qorannoo kana gaggeessiteetti.

## 3.5. Malleen Funaansa Ragaalee

Qorannoon kun yeroo geggeeffametti madda ragaa qorannichaa irraa odeeffannootu walitti qabame. Odeefannoon walitti qabame kunis madda ragaa qorannichaa irratti kan xiyyeeffaye. Kitaabilee akka madda ragaatti qorannichaaf walitti qabuun jalqabame. Haaluma kanaan,

tooftaan funaansa ragaa qorannichaa kitaabilee filatamantu sakattaa'ame. Kunis xiinxala dhiyaannaa qabiyyee horsiisaa fi uumama jechootaa Afaan Oromoo kitaabilee seerlugaa filataman adda addaa kanneen keessatti qabiyyee dhiyaannaa birsagootaa, moggaasa jechaatiin, digalaan (tishoon), yaasaan, gabaajeefi ergifannoon kitaabilee kanneen keessatti argaman walitti qabuun xiinxalliin adda addaa geggeeffame.

## 3.6. Mala qaaccessa Ragaa

Adeemsi qorannoo tartiiba keessa darbamuu qabu kan agarsiisudha. Innis gaaffilee qorannoo dhiyaateef deebii argachuuf fayyadan tartiiba armaan gadiin hojiirra oolanii jiru. Innis, qorannoo kanaaf kitaabilee seerluga Afaan Oromoo filataman keessatti dhiyaannaa qabiyyee horsiisaa fi uumama jechootaa maal akka fakkaatan addaan baafamaniiru. Isaan booda qabiyyeen horsiisaa fi uumama jechootaa tokkoo tokkoo kitaabilee seerluga Afaan Oromoo shanan qorannichaaf filatatamanii qofaa qofaatti xiinxalliin irratti geggeeffameera. Kanaafuu kitaabilee filatamanii walitti qabaman kanneen xiinxala dhiyaanna qabiyyee horsiisaa fi uumama jechootaa Afaan Oromoo kitaabilee kana keessatti adda baasuun xiinxalmanii jiru. Ragaaleen walitti qabaman qabiyyeen horsiisaa fi uumama isaanii, malli dhiyaannaa isaaniifi haala attamiin akka uumamaniifi akkaataa uumamsa isaanii xiinxaluuf akka mijaatutti mala ibsuutti fayyadamuun jechaan qaacceffamaniiru.

Walumaagalatti jalqaba kitaabilee seerluga Afaan Oromoo ta'an kana adda baafachuun filatamaniiruu, itti aansuun xiinxala dhiyaannaa qabiyyee horsiisaa fi uumama jechootaa kitaabilee seerluga Afaan Oromoo filataman keessaa adda baasuun xiinxalliin gadi fagoo ta'e geggeeffameera. Xumura irrattis hanqinaalee dhiyaannaa qabiyyee horsiisaa fi uumamaa jechootaa irratti qorattuun bira geesseen kallattii furmaataa tarreessuun xiinxalameera.

# BOQONNAA AFUR: ODEEFFANNOO QAACCESSUU FI HIIKUU

## 4.1 Xiinxala dhiyaannaa horsiisaa fi yaasa jechoota Afaan Oromoo kitaabilee seerluga Afaan Oromoo filatamanii

Furtuu-Seerluga Afaan Oromoo (Oromo Grammar): Kutaa 9 fi 10: Maxxansa 6ffaa (2019): Geetaachoo Rabbirraan qophaa'e. Kitaabni kun fuulota 371 fi boqonnaalee garaagaraa 11 kan qabuudha. Quba Qabduu? Bu'uuraalee Barnoota Afaan Oromo: Kutaa 5-8, (2015): Geetaachoo Rabbirraatiin kan qophaa'e fi fuulota 283 fi boqonnaalee garaagaraa 10 kan of keessaa qabuudha. Seerlugaa fi Hundee Jechoota Afaan Oromoo (2001): Maxxansa duraa Gaaddisaa Abarraatiin maxxanfamee fuulota 222 fi boqonnaalee 11 kan of keessaa qabu.

Natoo: Yaad-rimee Caasluga Afaan Oromoo (2017: Addunyaa Barkeessaatiin si'a ja'affaaf maxxanfamee fuulota 289 fi kutaalee sadii of keessaa qabuu fi

Seerluga Afaan Oromoo (Oromo Grammar): Saaqaa Afaan Oromoo (Oromo Guide): Fitsum Wasanee Bashaa Yaadateetiin (2014/21): Maxxansa 17ffaa ($17^{th}$ Edition) fi fuulota 400 fi Jufaara 6 kan of keessaa qabu irratti hundaa'uun odeeffannoowwan xiinxala qabiyyee horsiisaa fi uumamsa jechoota kitaabota kanneen keessatti haala ittiin dhiyaatanii fi hanqinaalee isaanii xiinxaluudhaan qorannoon kun adeemsifameera.

### 4.1.1 Jecha

Maalummaa jechaa kitaabni kun akka ibsetti, akkaataa armaan gadii ti.Jechi maal akka ta'e kan ibsu hiika quubsaa argachuuf kuusaa adda addaa sakatta'uun barbaachisaadha jedha kuusaan jechootaa (Oxford Advanced Learners Dictionary) jedhamu. "Sound or combination of sounds that expresses a meaning and forms an independent unit of the grammer or vocabulary of a language" jedhama.

Kuusaan inni biroon kan "Oxford Dictionary of Current English, Meaningful elements of speech usually shown with space on either side of it when written or printed" jedhama. Akkaataa ibsa kuusaa jechoota kanaan dachaatti yoo ilaalle jechi wanta sagaleerraa uumamu, kan hiika qabu, kutaa seerlugaa afaanii ta'uu isaati.

Hiikaa jechaa armaan olii ilaalchisee kitaabotni waabeffataman namni barreesse barrii fi fuulli kan hin ibsamne ta'uu isaaniiti. Akkasumas jechoota kitaabichaan ibsaman fakkeenya adda addaatiin hin ibsamin hafuun hanqinaalee kitaaba kanaati.

## 4.2Xinjecha

Jechoota bu'uuraa afaan tokko keessa jiran bu'uureffachuun jechoota lakkoofsaan daanga maleessa ta'an ijaaruun kan dandaa'amuudha. Jechoota ijaaruufis ta'e isa ijaarame hubachuuf dubbataan afaanichaa ga'ee guddaa qaba. Xiinjechi dame xinqooqaa ijaarsa jechootaa (hormaataa fi yaasaa) ibsuu irratti gahee guddaa qabuudha.

Xiyyeeffannoon sadarkaa caasaa kanaa amala jechoonni bu'uraafi jechoonni ijaaraman qabaniif seerota isaan ittiin to'ataman kan addaan baasuudha. Kun immoo garaagarummaa dhamjechaafi jechaa addaan baasuu irraa eegaleeti jechuudha. Dhamjechii fi jechi garaagarummaas tokkummaas ni qabu. Yaadni kun akkaataa armaan gadiitiin xiinxalamaniru.

### A. Jechoota unkaalee adda addaatti qoodamuu dandaa'an

nama, namoome, namummaa, namni, namoota,

mure, murame, mursiise, murate,

diimaa, diimate, diimina, diimesse

Sababiin isaan jechoota ta'aniifis unkaalee hiika qaban kanneen akka {**-oota}, {-a}, {-oom-}, {nam-}, {-n-}, {-i}, {-ummaa}, {mur-}, {-am-}, {-siis-}, {-at-}, {diim-}, {-aa}, {-at-}, {-ina}, {-ess-}** jedhamanitti addaan qoodamuu danda'u. Isaan kun dhamjechoota jedhamu.

### B. Jechootaa fi dhamjechoota unkaalee adda addaatti qoodamuu hin dandeenye

Jechoota: keessa, irra, jala

Dhamjechoota: **{-oota}, {-a}, {-oom-}, {nam-}, {-n-}, {-i}, {-ummaa}, {mur-}, {-am-}, {-siis-}, {-at-}, {diim-}, {-aa}, {-at-}, {-ina}, {-ess-}**

Unkaaleen armaan olii kanneen hiika qaban birootti addaan qoodamuu kan hin dandeenyee ta'uutu hubatama. Kanaafuu **'keessa, irra fi jala'** kanneen jedhaman immoo jechas dhamjechas ta'uu ni danda'u. Sababiin isaas qoodamanii unki biraa irraa ba'uu hin danda'u waan ta'eef, kan unki irraa hin bane immoo karaa biraatiin dhamjecha ta'u. Kanaaf lamaanuu (jechaafi dhamjecha) keessaa qaba.

## 4.3Uumamaafi Horsiisa Jechootaa

Horsiisni jechoota Afaan Oromoo keessatti akkaataa armaan gadii kanaan dhiyaatanii jiru.

Fkn:

1. Saree + didoo = sardiidoo
2. Mana +mare = mana-maree
3. Mata +duree = mata-duree
4. Hayyuu +duree = hayyu-duree
5. Gara +laafaa = gara-laafaa
6. Fayyaa + qabeessa = fayya-qabeessa
7. Baddaa + daree = badda-daree
8. Miila + jala + miil-jalee
9. Qofaa +galaa = qofa-galeessa
10. Gidduu +galaa = giddu-galeessa
11. Roga + sadee = rog-sadee
12. Gadi + badii =gadi-badii
13. Gaara+ duuba = gar-duubee
14. Mana + duuba = man-duubee
15. Saba+lammii =sab-lammii
16. Bara +baasaa =bar-baasoo
17. Fala +baasaa =fal-baasaa
18. Mana+duree=man-duree

Akkuma hirsiisa jechoota armaan olii irraa hubachuun dandaa'amutti, Afaan Oromoo keessatti jechoonni horsiifaman jechoota durumaan hiika qaban garaagaraa lama irraa jecha hiika qabu tokko uumanii argamuudha. Horsiisa kana keessatti jechoonni unka duraan qabatanii turan jijjiiruudhaan jecha unka haaraa ta'e kan uumaniidha.Afaan Oromoo keessatti jechoonni adeemsa garaagaraatiin uumamuu danda'u. Isaanis: yaasaan, suphuun, diigalaan gabaajee fi kkf.

### 1. Yaasaan

Tooftaa jechonni haaraan ittiin uumaman ta'ee, baay'inaan dhamjechoota uumamteetti kan dhimma ba'uudha. Dhamjechoota kana keessaa gochimeessitoota, maqeessitootaa fi maqibsitoota fayyadamuudhaani.

**Gabatee 4.1:Uumama Jechootaa**

| **A** | **B** | **C** |
|---|---|---|
| Ijaarsa | Cimaa | Mursiise |
| bal'ina | Huuqqataa | Qabame |
| Barsiisaa | bir'ataa | Barame |
| Gadhumma | Bareedaa | Murate |

Jechoonni maqeessitoota 'A' jalaa fufiilee **{-sa, -ina, -aa, -ummaa}** waan fufataniif maqaalee uumamteedha. Maqaaleen Afaan Oromoo keessatti fufiilee adda addaa fufachuudhaan maqaalee biraan uumamuu danda'uu isaanii gabateen armaan olii sirriitti ibseera.

Jechoonni **‘B’** jalaa maqibsitoota uumamtee addaa addaati. Maqibsitoonni uumamtee kunneen fufiilee garaagaraa fufachuudhan kan argamaniidha. Isaanis fufii **{-aa}**fufachuudhaan maqibsitoota uumamtee ta’uu isaanii gabatee armaan olii irraa hubachuun dandaa’ameera.

Jechoonni **‘C’** jalaa immoo gochimeessitoota uumamtee yeroo ta’an, isaanis **{-siis-, -am-, -at-}** fufachuudhaan gochima uumamtee ta’uu isaanii mul’isanii jiru. Kunis adeemsa jechoonni Afaan Oromoo ittiin uumaman keessaa tokko ta’uu isaa gabateen armaan olii ibseera.

## 2. Suphuu

Suphuun adeemsi jechoonni Afaan Oromoo ittiin uumaman keessaa isa tokkoodha. Adeemsa jechoonni ittiin uumaman kun jechoota lama ykn isaa ol qaama isaaniirraa muruudhaan kanneen hafan walitti suphuudhaan geggeeffama. Afaan Oromoo keessatti tooftaa kanaan jechoota uumuuf maloota garaagaraatu jiru. Isaanis:

A. Jechoota walitti guurratan keessaa isa tokko akkuma jirutti jecha isa biraarraa birsaga muraasa fudhachuudhaan walitti makuudha. Jechoonni haala kanaan uumaman hedduu waan ta’aniif, muraasa isaanii gareetti qooduun ilaaluu dandeenya.

**Gabatee 4.2: Garee {xin-} ibsu**

| **Jechoota guuree** | **Jechoota suphaman** |
|---|---|
| Xiinxala + qooqa | Xinqooqa |
| Xiinxala + looga | Xinlooga |
| Xiinxala + jecha | Xinjecha |
| Xiinxala +madda | Xinmadda |
| Xiinxala +naannoo | Xinnaannoo |

Gabatee armaan oliirraa hubachuun akka dandaa’amutti, jechoonni suphaman kunneen adeemsota adda addaa keessa darbuudhaani. Kunis jecha ‘xiinxala’ jedhurraa birsaga ‘xala’ muruun birsaga jabaa ‘xiin-‘ jedhutu hafa. Isa kana birsaga laafaa ‘xin’ akka dhamjecha dureetti qophaa’e jira. Kanaan booda qaama jechaa kana jechoota ‘qooqa, looga, naannoo fi madda jedhamaniin walitti makuudhaan jechoonni suuphaman gabatee olii keessatti mul’atan uumamanii jiru. Isaanis: **xinqooqa, xinlooga, xinjecha, xinmaddaa** fi **xinnaannoo** kanneen jedhamaniidha.

Tooftaan suphuu inni biraan jechoota guuree ta’an lamaanirraa dhamsaga muraasa haquun kanneen hafan walitti makuudha. Kanas garee {-ima} jedhamaniin uumuu ni dandaa’ama. Gabateen armaan gadii jechoota haala kanaan uumaman mul’isa.

**Gabatee 4.3: Garee {-ima} ibsu**

| **Jechota guuree** | **Jechoota suphaman** |
|---|---|
| mataa + hima | Matima |
| gocha + hima | Gochima |
| aantii+ hima | Aantima |
| kutaa+ hima | Kutima |
| dhugaa+ hima | Dhugima |
| caasaa+ hima | Caasima |
| gaalee+ hima | Gaalima |
| xaxa+ hima | Xaxima |

Jechoonni gabatee armaan olii keessatti argaman jechoota guuree of danda'oo lamaati. Adeemsa tokko ta'uu keessatti **'hima'** kan jedhurraa **'h'** haquun unka {-ima} jedhutu hafee jira. Jechootaa akaakuu garaagaraa qaama kanaan walitti suphaman irraa dhamsaga dhumaa haquudhaan garee {-ima} kan jedhu hundumaaf tokko ta'ee tajaajilu dhumarra jiruun waamna. Hiikni jechoota guureedhaan uumamanis kan duraan jiranii fi qaban irraa adda. Kanaafuu akkaataa adeemsa suphuudhaan uumaman sanaan hubatamanii hiika kennu.

Adeemsa yaasaa fi suphaatti dabalee tooftaa jechoonni haaraan ittiin uumamuun guddina jechoota Afaan Oromootiif gumaachan inni baay'ee barbaachisan diigala. Adeemsi kun jechoota lamaa fi isaa ol walitti fiduudhaan jecha haaraa ijaaruudha. Ijaarsa kana keessatti hiikni jechichaa jechoota guuree ta'anirraa tilmaamamuufi kanneen hiikni isaanii jechoota sanaan alaa jechuun ilaalamuu malu. Mala kanaan jechoota Afaan Oromoo keessatti garee garaagaraa uumuun bal'inaan dhimma itti ba'aman gabatee armaan gadii keessatti xiinxalamaniiru.

**Gabatee 4.4: Jechoota guuree fi jechoota diigalaan uumaman ibsu**

| **Jechoota guuree** | **Jechoota diigalaan uumaman** |
|---|---|
| amala + qaba | amala qabeessa |
| qote + bule | qonnaan bulaa |
| bifa + bade | bifa badii |
| duuba + gale | duubaan gala |
| nyaara + haaddattee | nyaara haaddattee |

Gabatee armaan olii irraa hubachuun akka dandaa'amutti, jechoonni garee garaagaraa gochimaan walitti dhufuudhaan jechoota haaraatiif qabata taa'anii jiru. Jechoota kanneen keessaa 'qonnaan bulaa, duubaan galaa fi nyaara haaddattee' kanneen jedhaman maqaaleedha. Warreen biraan 'amala qabeessa, bifa badii' kanneen jedhaman immoo maqibsoota. Walumaagalatti tooftaa armaan oliitiin jechoota hiika qaban lama kan garaagaraa lama walitti fiduudhaan jecha hiika qabu tokko uumuun akka dandaa'amu gabatee armaan olii irraa hubachuun barbaachisaadha.

Karaa biraatiin jechi qindaayina sagaleetiin uumama sagaleewwan dubbifamtoonnii fi dubbachiistonni walitti yoo qindaa'an jecha kalaquu danda'u. Yeroo tokko tokko dubbachiistonni jecha uumuu ni danda'u. Fkn:

| | | |
|---|---|---|
| E'ee (yes) | Ho'a (warm) | Ho'e (Get warm) |
| Ho'a (heat) | U'uu (Crying) | |

Barreeffama armaan olii irraa hubachuun akka dandaa'ametti, jechoonni Afaan Oromoo dubbachiistota qofaa irraa uumamuu danda'uu isaaniiti. Haa ta'u malee jechoonni Afaan Oromoo dubbifamaa qofaa irraa uumamuu kan hin dandeenyeedha.Duubbifamtonni fi dubbachiistonni yammuu waliin qindaa'an jechoonni uuman immoo asii gaditti kan tarreeffaman fakkaatu.

2. ma+la = mala
3. ba+ra = bara
4. bu+na = buna
5. ga+ra = gara
6. a+la =ala
7. ga+na+ma = ganama
8. ba+ree+daa = bareedaa
9. bee+la = beela
10. bo+na = bona
11. **ga+nda = ganda**
12. boo+naa boonaa
13. boo+ra =boora
14. gaa+fa = gaafa
15. **gaa+ngee = gaangee**
16. sha+maa = shamaa
17. **bee+lla+ma =beellama**
18. **ha+rree = harree**

Jechoonni asii oliitti ilaalle sagalee hedduun qindaa'amanii kan uumaman ta'uu hubanna. Haa ta'u malee akkuma olittii qoqqoodiinsa birsagoota kanneeniifi uumamni jechootaa birsagoota kanaan uumamanii tokko tokko sirrii kan hin taaneedha.

### 4.3.1 Jechi Afaan Oromoo sagaleewwan dubbifamaafi dubbachiiftuu irraa uumama

Afaan Oromoo keessatti qubee dubbifamaafi dubbachiiftuu walitti dhufanii sagalee uumu.

Fkn**: Dubbifamaa + Dubbachiiftuu = Sagalee**

1. l + a = la
2. f + a = fa
3. g + a = ga
4. l + i = li
5. l + e = le
6. x + a = xa

Akkasumas sagaleefi sagaleen walitti dhufanii jecha uumu.Jecha kan ta'u garuu Afaan Oromoo keessatti yoo hiika qabaate qofaadha.

Fkn: Sagalee + Sagalee = Jecha

1. da + xa = daxa (Kun jecha miti) **'daxa'** Afaan Oromoo keessatti hiika hin qabu. Kanneen asii gadii waan hiika qabaniif jechootadha.

   Fkn 1:

   1. la + fa = lafa
   2. ga + ma = gama
   3. li + xa = lixa
   4. ga+na+ma = gama
   5. ga+l ga+ la = galagala

Kanneen armaan oliirraa kan hubatamu sagaleewwan afaan tokkoo walitti dhufanii hiika qabaatan jecha afaanichaa jedhama.

Fkn: 2

1. Ma+na -mana

2. ga+na+ma -ganama

3. fi+ra - fira

4. ka+na - kana

5. bo+so+na -bosona
6. ma+la - mala
7. boo+naa -boonaa
8. qu+bee - qubee
9. a+faan - afaan
10. see+ra – seera

Armaan oliitti akkuma hubachuun dandaa'ametti, jechoonni Afaan Oromoo sagaleewwan dubbifamaa fi dubbachiistuu irraa uumamuu danda'u. Uumama isaanii kana keessattis seera afaanichaa eeguudhaan akkaataa ergaa fi hiika qabaachuu dandaa'aniin kan ijaaraman ta'uusaaniitu hubatama. Kanaaf ijaarsaa fi uumama jechootaa keessatti callisamee sagaleeleema jiran jecha uumuuf jecha kan ijaaraman osoo hin taane, jecha ta'uun isaanii yoo afaanicha keessatti hiikaa fi ergaa qabaatan waan ta'eefi. Akkaataan uumama isaanii armaan olii kun sagaloonni walitti dhufuun erga birsagoota garaagaraa ijaaranii booda birsagoonni immoo walitti dhufuudhaan jecha hiika qabeessa ta'e uumuu isaanii qorannoon kun addaan baaseera.

#### 4.3.1.1 Jecha hiika qabu tokko irraa jecha biraa uumuu

**A. Duraa duuba sagalootaa jijjiiruun**

Fkn:

1. lama – mala
2. nama – mana
3. fala – lafa
4. qaama - maqaa
5. qabu - baqu

Jechoonni armaan olii kan uumaman duraa fi duuba qabiyyee sagalootaa jijjiiruudhaan kan uumamaniidha. Kunis Afaan Oromoo keessatti mala qabiyyee jecha tokko irraa qabiyyee jecha biraa ittiin uuman waan ta'eef, kan duraa fi duubatti jijjiiramanis birsagoota duraa fi birsagoota lammaffaa wal-jala fuudhuudhaan kan uumaman ta'uu isaanii qorannoon kun addaan baaseera.

### B. Jechoonni Sagaloota jecha tokko keessatti argaman irraa uumamu

1. **Dubhifamaa** - dubbii - badu - madda

- baaduu - ifa - damma

- bifa - fidaa fi kkf.

Uumama jechoota armaan olii irraa kan hubatamu, Afaan Oromoo keessa jiru tokko irraa jechoota garaagaraa hiika qaban hedduu uumuun akka dandaa'amuudha. Kunis jecha 'dubbifamaa' jedhu irraa jechoonni 'dubii, baduu, madda, baaduu, ifa, damma, bifa' jedhaman uumamuu isaanii hubanna. Uumama jechootaa kana keessatti qubeen jecha qabiyyee 'dubbifamaa' jedhuun ala dhufanii makaman kan hin jirre ta'uu isaaniiti.

**A. 'Qullubbii'** jecha jedhu irraa: **bilbiluu, lubbuu, biqiluu** fi **buluu** kan jedhaman uumamannii

jiru. Akka qorannoon kun addaan baasetti garuu jecha '**Qullubbii'** jedhu kana irraa jechoonni kan biroon uumamuu akka dandaa'aniidha. Kanaaf jechoonni haaraan jecha kanarraa uumamuu dandaa'an kanneen armaan gadiiti. **liqii, bulbuluu** fi **bulluquu** kanneen jedhaman jecha haaraa uumamuu dandaa'aniifi qorannoo kanaan adda ba'aniidha.

**B. 'Mirkanaa'e'** jecha jedhu irraa: kana, mana, mi'a, karaa, nama, ana, ka'e, mara, aanaa, na'e, rirma, naanna'e jedhaman uumamanii jiru. Akka qorannoon kun addaan baasetti immoo jechoonni biraas jecha kanarraa uumamuu akka dandaa'an mirkaneesseera. Isaanis:

**rimaa, miira, rimma, kaa'e, aannan, amma, kana, makaa, re'ee, eere, ka'an, rakkina fi mi'aa** kanneen jedhaman jechoota haaraa uumamanii qorannoon kun addaan baaseedha.

#### 4.3.1.2 Hundee jechaarraa dhalatoo baasuun jecha horsiisuu

Hundee jechaa jechuun jecha hiika mataasaa qabuufi ka'umsa ykn bu'uura jechaa ta'eedha. Dhalatoon hundee jechaa irraa kan horsiifameedha. Jecha ka'umsa qabu tokko irratti hundaa'uudhaan jechuma sana karaa adda addaan horsiisuudhaan jecha ijaaruudha.

Fkn:

1. Hundaan jechaa **'deem-'** kan jedhu yoo ta'e, hundee jechaa kana irraa dhalatoo armaan gadii argachuu ni dandeenya.

Isaanis:

| | | |
|---|---|---|
| deeme | deemteetti | |
| demuuf | deemte | deemi |
| deemeera | deeman | deemaa |
| deemaniiru | deemne | deemtu fi kkf. |

2. Hunee jechaa **'bar-'** irraa dhalatoo kanatti aananii dhufan ijaaruun ni dandaa'ama.

| | | |
|---|---|---|
| barumsa | baranne | baratаа |
| barate | baruuf | bare |
| baradhu | baratte | barame fi kkf. |
| barnoota | baratan | |

Akka waliigalaatti hundee jechaa **‘deem-‘ fi ‘bar-‘** jedhaman irraa dhalatoo garaagaraa horsiisuun kan dandaa’aman ta’uusaa addaan baaseera.

Dhalatoon hundee jechaa ‘deem-‘ jedhutti fufamuudhaan jechoota adda addaa horsiisuuf tajaajilan kunneen tajaajiloota adda addaaf kan oolan ta’uusaanii qorannoon kun addaan baaseera. Isaanis: Fufiilee kanneen akka **(-e,-uuf,-eera, -aniiru,-teetti,-te,-an,-ne,-i,-aa,-tu)** kanneen jedhamaniidha.

Hundee jechaa **‘bar-‘**jedhu irraa immoo dhalatoon adda addaa fufamuun tajaajiloota adda addaaf oolan kanneen armaan gadii ta’uu isaanii qorannoon kun addaan baasee ibsee jira. Isaanis: (-**umsa,-ate,-adhu, -noota,-anne,-uuf,-atte,-atan,-ataa,-e,-ame)** kaneen jedhamaniidha.

### 4.3.1.3 Jechi duraa duuba sagalootaa jijjiiruun uumama

Lama = mala

Nama =mana

Lafa = fala

Laga = gala

Qaama = maqaa

Gaara = ragaa

Ijaarama jechoota armaan oliirraa akkuma hubachuun dandaa’amutti, duraa duuba sagalootaa jijjiiruudhaan jechoota ijaaruun kan dandaa’amuudha.

## 4.4Garee Jechootaa

Afaan kamuu keessatti jechoonni dubbii uuman akkatti faayidaa kennan qaban. Akkaataa kana irraa ka’ee qaamonni dubbii Afaan Oromoo bakka ja’atti qoodamu. Isaanis:

## 1. Maqaa (moggaasa)

Moggaasni namaaf, horiif,allaattiif, bineensaaf, mukaaf, lagaaf, burqaaf, horaaf, garbaaf, galaanaaf, mandaraaf, magaalaaf, biyyaaf, yaadaaf, gochaaf,jaarmaafi kkf kennamu maqaa jedhama.

**Fkn:**

A. Maqaa namaa: Tolaa, Lataa, Damee, Leellisaa fi kkf.

B. Maqaa horii, bineensaafi allaattii: Oolaa, leenca, sinbiraa fi kkf.

C. Maqaa lagaa, haroo, garbaafi galaanaa: Wancii, Abbayyaa, Gibee, Waabee, Paasifiik, Raammisiifi kkf.

D. Maqaa biyyaa magaalaa fi mandaraa: Oromiyaa, Harar, Jibuutii, Jimmaa, Bookee, Jalduu fi kkf.

E. Maqaa yaadaa, amantii, sirnaa, gochaaffi jaarmaa: Gadaa, Ateetee, kiristaan, musliima, UN, bareedina, duula, gaarummaafi kkf.

Maqaaleen armaan olii jechoota moggaasa wantoota lubbuu qabaniifi hin qabneef laataman ta'uusaatu hubatama. Isaan kun immoo Afaan Oromoo keessatti moggaasa ganamaa waan tokkoof laatameefi namoonni hundinuu irratti waliif galan akkasumas yeroo maqaa sana dhahan waa'een wantoota sanaa sammuu dhala namaattii dhufuun hiika argataniidha.

Gareen jechootaa armaan olii kunneen akkuma olitti ibsamuuf yaalamanitti garee banamaa jedhamanii Afaan Oromoo keessatti tajaajila kan kennan yoo ta'an, gareen maqaa moggaasa namootaa fi wantootaaf ganamuma kenname ta'uu isaati. Gareen maqaa karaa biraatiin dhamjechoota uumamtee fi hortee fufachuudhaan garee maqaa jala galuu danda'uu isaaniiti. Jechoonni maqaa jedhaman gochimootaa fi maqibsitoota ta'an dhamjechoota maqeessituu fufachuudhaan maqaalee uumamtees uumuu ni dandaa'ama.

**Gabatee 4.2.1:Gochimootaa fi maqibsitoota, maqeessitootaa fi maqaalee uumamtee ibsu**

| Gochimootaa fi maqibsitoota | Maqeessitoota | Maqaalee uumamtee |
|---|---|---|
| Diimaa | - ina | Diimina |
| Qore | -maata | Qormaata |
| Fagoo | -eenya | Fageenya |
| Ijaare | -sa | Ijaarsa |
| taa’e | -umsa | taa’umsa |

Gabatee armaan olii irraa hubachuun akkuma dandaa’amutti, gochimoonnii fi maqibsitoonni adda addaa maqeessitoota garaagaraa fufachuudhaan garee maqaalee uumamtee ijaaruu/uumuu isaaniitu hubatama. Gabatee olii keessatti gochimoonni dhamjechoota maqeessitootaa fufachuun maqaalee uumamtee uumanis: **‘qore, ijaare** fi **taa’e’** jedhanmaniidha. Maqeessitoonni gochimoota kanatti fufamuudhaan maqalee uumamtee uumuu keessatti qooda qaban kanneen akka: **‘-maata, -sa** fi **–umsa’** fa’i. Maqaaleen uumamtee walitti dhufeenya gochimootaa fi maqeessitoota armaan olii irraa uumaman immoo: **‘qormaata, ijaarsa** fi **taa’umsa’** kanneen jedhamaniidha. Maqibsitoonni dhamjechoota maqeessitoota fufachuudhaan maqaalee uumamtee uuman ykn ijaaran kanneen akka: **‘diimaa’** fi ‘**fagoo’** yoo ta’an, maqeessitoonni fufamanis: **‘-ina’** fi **‘-eeyna’** ta’anii argamu.Maqaaleen uumamtee ijaaraman ykn uumaman immoo **‘diimina’** fi ‘**fageenya’** kanneen jedhaniidha.

Karaa biraa immoo gareen jechootaa maqaa jedhamu maxxantoota danooma agarsiisan kan akka **(-oota, -een, -naan, -lee, -olli)** fi kkf maxxanfachuun jijjiiramuu kan dandaa'amaniidha.

Fkn:

1. **/-oota/**

**QaanxeeBaay'ee**

A. nama namoota

B. ganda gandoota

C. harree harroota

D. sangaa sangoota

E. biyya biyyoota

Fakkeenyi rmaan olii kunneen jechootni qeenxee ta'an maxxantoota danoomaa fufachuudhaan danoomanii jecha haaraa uumuu isaaniit. Fufiileen hundee jechootaa garaagaraa **nam-, gand-, harr-, sang-, fi biyy-'**jedhamanitti fufame immoo **'–oota'** kan jedhamuudha. Maxxantuun '–oota' jedhamu hundee jechootaa hundumaatti maxxanuudhaan danoomsee ykn heddummeessaa jiraachuusaa qorannoon kun addaan baaseera.

### 2. /-ota/

## Qeenxee Baay'ee

| | |
|---|---|
| A. hoolaa | hoolota |
| B. kitaaba | kitaabota |
| C. bineensa | bineensota |
| D. aanaa | aanota |
| E. barsiisaa | barsiisota |

Fakkeenya armaan olii irraa hubachuun kan dandaa'amu maxxantuun '–ota' jedhamu hundee jechootaa garaagaraatti fufamuudhaan jechoota haaraa kan uume ta'uusaa hubanna. Jechoonni haaraan uumaman kun heddummina ykn baay'ina kan mul'isan ta'uusaaniit. Kanaafuu hundeelen garaagaraa 'hool-, kitaab-, bineens-, aan- fi barsiis- kanneen jedhamaniidha.

### 3. /-lee/

## Qeenxee Baay'ee

| | |
|---|---|
| A. meeshaa | meeshaalee |
| B. warshaa | warshaalee |
| C. naanoo | naannolee |
| D. lammii | lammiilee |
| E. tooftaa | tooftaalee |

Armaan oliitti akkuma hubatamu maxxantuun ykn fufiin **'–lee'** jedhamu hundee jechootaa adda addaatti fufamuudhaan tajaajila heddumminaaf kan oole ta'uu isaatu mul'ata.

### 4. <u>/-een/</u>

## <u>Qeenxee Baay'ee</u>

| | |
|---|---|
| A. farda | fardeen |
| B. laga | laggeen |
| ****C. muka** | **kukkeen** |
| D. mana | manneen |
| E. raada | raaddeen |

Fakkeenyota kanaa olii irraa hubachuun akkuma dandaa'amutti, fufiin **'-een'** jedhamu hundeewwan jechootaa garaagaraatti fufamuudhaan tajaajila heddumminaaf akka ooluu fi jechoonni heddumminaa kunneen jechootaa haaraa fufiin booda uumaman ta'uusaaniit.

Qorannoon kun akka addaan baasetti, fakkeenya armaan olii keessatti jechi 'muka' jedhu yeroo heddummatu 'kukkeen' jedhamee barraa'ee jira. Kun immoo hanqina waan ta'eef gara'mukeen' jedhamutti sirratee barreeffamuun barbaachisaadha.

### 5. <u>/-yyii/</u>

## <u>QeenxeeBaay'ee</u>

| | |
|---|---|
| A. Sooressa | sooreyyii |
| *****B. hiyyeeyyii** | **hiyyeessa** |
| *****C. dureeyyii** | **dureessa** |

Akkuma gubbaatti mul'atutti fufiin **'-yyii'** jedhu hundee jechootaa adda addaatti fufamuudhaan jechoota haaraa heddumminaaf oolan uumee jira.

Akka qorannoon kun addaan baasetti, fakkeenya armaan olii keessatti jechi 'hiyyeessa' jedhu danoomona ykn heddummina jalatti dhiyaate. 'Hiyyeeyyii' kan jedhu immoo qeenxee jalatti

dhiyaatee jira. Kan ta’uu qabu garuu ‘hiyyeeyyii’ kan jedhu baay’ee jalatti, ‘hiyyeessa’ kan jedhu immoo qeenxee jalatti dhiyaachuu qaba.

### 6. /-wwan/

## Qeenxee Baay'ee

| | |
|---|---|
| A. haadha | haawwan |
| B. sa'a | saawwan |
| C. koree | koreewwan |
| D. garee | gareewwan |

Maxxantuun **‘-wwan’** jedhamu armaan oliitti hundeewwan jechootaa adda addaatti fufamuudhaan heddummeessee jira. Akkuma fakkeenyota garaagaraa keessatti tuquuf yaalametti, jechoonni heddumminaa kunneen jechoota haaraa fufii **‘-wwan’** jedhamu fufachuudhaan uumaman ta’uu isaaniiti.

### 7. /-ootii/

## Qeenxee Baay'ee

| | |
|---|---|
| A. abbaa | abbootii |
| B. ganda | gandootii |
| C. waggaa | waggootii |
| D. muka | mukootii |

Maxxantuun **‘ootii’** jedhamus hundee jechootaa garaagaraatti fufamuudhaan tajaajila adda addaaf ooluu isaa hubanna. Tajaajila kanaaf yeroo oolus jechoonni haaraan uumaman heddummina kan agarsiisaniidha.

## 8. /-olii/

## Qeenxee Baay'ee

A. gooftaa gooftolii

B. jaarsa jaarsolii

C. gaangee gaangolii

D. aayyoo aayyolii

Maxxantuun '-olii' jedhu armaan olii kun hundeelee jechootaatti maxxanuudhaan tajaajila heddummeessuuf kan oole ta'uu isaatu hubatama. Jechoonni fufiilee kana fufachuudhaan uumamanis jechoota haaraa fufiileen booda uumaman ta'uu isaanii qorannoon kun addaan baasee jira.

## 2. Maqibsa

Jechoonni maqaa ifsuun faayidaa kennan ifsa maqaa ykn maqifsa jedhamu. Fkn: guddaa, bareedaa, xinnaa, dheeraa, gabaabaa, fokkistuu, jabaa, laafaa fi kkf.

Kitaaba kana fuula 43 irraa akka ibsetti, **'maqisfa, ifsa maqaa'** jechuun barraa'ee jira. Kun immoo garaagarummaa akdubbii ykn akkaataa dubbii ta'uu isaati malee dubbii irrattis ta'e afaanicha irratti dhiibbaa kan hin qabneedha.

Maqibsi ykn maqifsi Afaan Oromoo keessatti waa'ee maqaa tokko sirriitti ifaa kan taasisaniifi maalummaa maqaa tokkoo kan ibsaniidha.

Gareen maqibsaa maqaa booddee galuudhaan amala, bifa, bakkaa, hangaa fi kkf kan agarsiisaniidha. Gareen jechootaa kan biroon kanneen akka gochimootaa dhamjechoota yaasaa fufachuudhaan maqibsitoota uumamtee/yaasaa ijaaruu ni danda'u.

**Gabatee 4.2.2:Gochima, fufii/dhamjecha yaasaa fi aqibsa yaasaa ibsu**

| **Gochima** | **Fufii/dhamjecha yaasaa** | **Maqibsa yaasaa** |
|---|---|---|
| Sodaate | -aa | Sodaataa |
| Sobe | -tuu/-duu | Sobduu |
| Bareede | -tuu/-dduu | Bareedduu |
| Fokkise | -aa | Fokkisaa |

Akkuma gabatee kana olii irraa hubachuun dandaa'amutti, gochimni fufiilee ykn dhamjecha yaasaa kanneen akka **'-aa,-duu'** garaagaraa fufachuudhaan maqibsitoota yaasaa **'sodaata, sobduu, bareedduu, fokkisaa'** jedhaman uumuu danda'uu isaaniiti.

## 3. Gochima

Gochimoonni Afaan Oromoo tajaajila caaslugaatiif ni oolu, garee jechaa ykn hiika jijjiiruuf immoo ni uumamu. Adeemsa kana keessatti bifni isaanii ni jijjiirama. Hormaanni gochimaa tajaajila caaslugaa kanneen akka koorniyaa, ennaa, haala raawwii, mormii, ilaalchaa fi kkf agarsiisuuf dhamjechoota hortee fufachuu barbaada. Xiinxalli armaan gadii dhamjechoota tajaajila kanaaf oolan fufachuun garee gochimaa jalatti akka ramadaman ilaaluu barbaachisa.

1. deem**e** ⟶ {deem-,-e}
2. deem**aa** ⟶ {deem-,-aa}
3. ool**e** ⟶ {ool-,-e}
4. ool**a** ⟶ {ool-,-a}
5. jir**a** ⟶ {jir-,-a}

Gochimonni 1ffaa fi 2ffaa irratti kan dhiyaatan hundeen jechaa lamaaniifuu {deem-} kan jedhuudha. Kanaafuu dhamjechi {-e} n hundee jechichaatti fufamuudhaan tajaajila raawwii gocha tokkoo agarsiisee jira. Dhamjechi {-aa} n immoo raawwii fufaa ta'uu agarsiisa. Kanaafuu dhamjechoonni kun lamaan tajaajila caaslugaa haala raawwii agarsiisuuf kan oolaniidha.

Gochimni 3ffaa fi 4ffaa irratti dhiyaatan kan walfakkeessu hundee jechaa ykn unka **{ool-}** jedhu qabaachuu isaaniitiini. Garaagarummaan isaanii immoo fufiilee **{-e}** fi **{-a}** fufachuudhaani. Gama tajaajilaan yoo ilaalle fufiileen kunneen haala raawwii ta'ee **{-e}** n ennaa darbe yoo agarsiisu **{-a}** n immoo waan raawwatu agarsiisuuf dhamjechichatti fufamuu isaa agarsiisa. Kunis wanti raawwatamu tokko ammaa kaasee gara fuula duraatti ta'uu gochaa kan agarsiisuu ta'uu isaati.

Hundeen jechaa **{jir-}** jedhamu gochima gargaartuu dhamjechoota haala raawwii ammaa **{-a}** agarsiisu fufachuu isaati. Gochimi gargaartuun Afaan Oromoo keessatti gochimoota muummeetti maxxanuudhaan yaada ykn ergaa dabalataa xumura muummeef kennu. Kanaaf hundeen jechaa **{jir-}** jedhu hundee gochima gargaartuuti jechuudha.

## 4. Gochibsa

Gochibsi kan matimaan raawwatame tokko ykn gochima keessatti ta'e tokko haalawwan garaagaraatiin kan walitti firoomsuudha. Haalawwan kunis yeroo, iddoo, akkaataa, meeshaa, sadarkaafi kkf ta'uu danda'a. Gocha matimaan raawwate ykn waan raawwate tokko kan gochibsi ittiin walitti firoomsuu iratti hundaa'uun gochibsi Afan Oromoo bakka shanitti qoodama.

### A. Gochibsa Yeroo

Gochinsi kun gocha raawwate ykn ta'e tokko ennaa ta'umsaa ykn raawwiitiin walqabsiisa. Haala kanaan gaaffii **'Yoom?'** jedhuuf deebiiwwan 'bor, kaleessa, ganama, sila, bardheengaddaa fi kkf jedhan kenna.

Fkn:

A. Abdiisaan **kaleessa** hoolaa qale.
B. Caalaan **ganama** bahee **galgala** gale.
C. Abbaan Kennataa **bor** Finfinnee deema.

Fakkeenya armaan olii keessatti kanneen gurracha'an gochibsa yerooti. 'Kaleessa' kan jedhu gocha 'qaluu' yeroo darbaan walqabsiise. 'Galgala', 'ganama' kan jedhanis gocha yeroo darbaa keessaa yoom bahee akka gale duraa duubaan ibsanii jiru. 'Bor' kan jedhu immoo gocha deemuu yeroo dhufuun waqabsiisee jira.

Afaan Oromoo keessatti tajaajila kana kanneen raawwatan immoo **maqaaleedha.** Akkaataa isaan itti dhamjechoota adda addaa (maayii matimaa fi antimaa) fufatanis gareen isaanii maqaa ta'uu dhugoomsa. Kanaafuu jechi bifaan gochibsii yeroo ta'e afaanicha keessatti hin mul'atu.

### B. Gochibsii Iddoo

Gochibsi iddoo raawwii ykn gochi tokko iddoo ykn bakka itti raawwateen walqabsiisee ibsuudhaan gaaffii **'Eessatti?'** jedhuuf deebii laata.

Fkn:

1. Inni **biyyatti** gale.
2. Tufaan **Amerikaatti** baqate.
3. Abidda **borootti** qalan.

Himoota olitti dhiyaatan keessatti gaalewwan gurraacha'aniin ergaa darbe sana bakka itti ta'aniin walitti firoomsanii jiru. 'biyya**tti**, Amerikaa**tti**, boroo**tti'** jedhaman maqaa fi durduubeerraa

ijaaramanii akka gochibsaatti tajaajilanii jiru. Dhamjechootni maqaatti fufamuun durduubee ta'uu isaanii agarsiisan **{-tti}** dha.

## C. Gochibsa Akkaataa

Gochibsa akkaataa haala raawwii waan tokkoo kan ibsan yeroo ta'an, kan isaan ibsanis gochibsoota.

Fkn:

1. Intalattiin **ildiimmaan** lafaa na kaaste.
2. Ergichi **atattamaan** na qaqqabe. Fakkeenyota armaan olii keessatti gochi matimaan raawwatame tokko haala itti raawwateen walitti firoomsanii jiru. Dhamjechoonni jecha 'ildiim**maan**' **{-maan}** fi atattama**an{-an}** jedhaman maqaatti fufamuun tajaajila durduubeetiif oolchanii jiru.

## D. Gochibsa Meeshaa

Gosni gochibsaa kun raawwii ykn ta'umsa tokko meeshaa ittiin raawwatameen walitti firoomsu. Kana taasisuuf immoo dhamjechoota garaagaraa maxxanfachuudhaantajaajila meeshummaa isaanii agarsiisu. Kana hubachuuf immoo fakkeenya kanaa gadii haa ilaallu.

1. Marqaa **harkaan** nyaate.
2. Tufaan **gaangeedhaan** Adaamaa deeme.
3. **Eeboodhaan** leenca ajjeese. Fakkeenya armaan olii irraa hubachuun akka dandaa'amu 'harkaan, gaangeedhaan, eeboodhaan' kan jedhan gocha nyaachuu, deemuufi ajjeesuu maaliin akka raawwataman mul'isu. Isaanis deebii gaaffii dhimmoota kana irratti ka'an kan deebisuu waan dandaa'aniif gochibsoota. Kanaafuu gochibsoonni kun hormaata maqaatiin kanneen argamaniidha. Adeemsa kana immoo akkaataa kanaa gadiitiin dhiyaataniiru.

**Gabatee 4.2.3:Maqaa, durduubee fi gocibsa ibsu**

| **Maqaa** | **Durduube** | **Gocibsa** |
|---|---|---|
| Harka | -a, -n | harkaan |
| Gaangee | -dhaa, -n | Gaangeedhaan |
| Eeboo | -dhaa, -n | Eeboodhaan |

Fakkeenya armaan olii keessatti **{-n}** dhamjecha maayii meeshaa agarsiisuudha. Kanaaf dhamjechoonni garaagaraa maqaatti fufamuudhaan tajaajila meeshaaf oolan gabatee armaan olii

irraa hubchuun dandaa'amee jira. Kitaaba kan keessatti durduubewwan {-dhaan} fi {-an} jedhaman maqaa hin dhoofne. Haa ta'u malee isaanis dhamjechoota durduubee maqaatti fufamuudhaan tajaajila agarsiisaniidha.

## 5.Durduubee

Jechoonni gara agarsiisan (garsiisani) fi jechoota lama walitti firoomsan durduubee jedhamu. Fakkeenyaaf: gara, irra, irraa, itti, gubbaa, jala, yookaan, ol, gadi, gama, moo, fi kkf. Faayidaan isaaniis Afaan Oromoo keessatti bakka ykn kallattii waan tokkoo agarsiisuuf kan oolaniidha.

## 4.5Dhamjecha

Jechi tokko dhaamsa ykn ergaa tokko ykn tokkoo ol of keessaa qabaachuu ni dandaa'a. Jechi tokko dhaamsawwan tokkoo ol yoo of keessaa qabaate, unkawwan (forms) dhaamsawwan adda addaa agarsiisan sana addaan baafatanii beekuun ni dandaa'ama. Unkaan dhaamsa tokko qofaa qabu dhamjecha jedhama. Dhamjechi of danda'ee ykn hirkatee argamuun hiika tokko qofaa kan qabuudha. Unki xinqooqaa tokko addaan qoodamee hiika dhabeessa yoo ta'e, dhamjecha jedhama. Hiika qabaachuun isaa immoo jecha ta'uun walirra oolcha. Kana ta'uu isaa gabatee armaan gadii keessatti dhiyaataniiru.

### Gabatee 4.5.1: Dhamjecha

| **Lakk.** | **Dhamjecha** | **Fakkeenya** |
|---|---|---|
| 1 | dhamsaga tokko | deem-n-e |
| 2 | birsaga tokko | mur-sii-sa-me |
| 3 | jecha tokko | irra, jala, tokko, kun, sangaa fi kkf |

Gabatee armaan olii kanarraa kan hubatamu dhamjechi dhamsaga tokko, birsaga tokkoo fi jecha tokko ta'uu ni danda'a.

Dhamsagni tokko **'deem-n-e'** kanneen jedhamaniin ifuu danda'u.

Birsaga tokkoon kanneen ibsamani immoo gabateen armaan olii akka mul'isutti, **'mur-sii-sa-me'** kan jedhamaniidha.

Jecha tokko kan ta'an akkuma gabateen armaan olii mul'isutti, **'irra, jala, tokko, kun, sangaa'** kanneen jedhamaniidha.

Qaamni xiqqaan kun hiika ykn tajaajila waan tokkoof bakka kan bu'e ta'uusaa fi dhimma sammuu waan tokko bakka buufameedha.

Akaakuwwan dhamjechootaa: Dhamjechoonni bakka garaagaraatti qoodamu. Bu'uurri qooddii kanaas tajaajila, unkaafi qabiyyee isaaniitiini.

Qabiyyee isaanii irratti hundaa'uun dhamjecha walabaafi dhamjecha hirkataa jedhamuun qoodamu. Kunis hirkataafi walabaa ta'uun dhamjechootaa afaanirratti hundaa'a.

### 4.9.2 Dhamjecha walabaa

Akaakuun dhamjecha walabaa kun of danda'ee dhaabbachuu isaatiin kanneen kaanirraa adda ta'a. Dhamjechi ykn latiin dhamjecha tokkoo ol of keessaa qabu hin jiru. Sababiin isaas dhamjecha tokkoofi isaa ol kan of keessaa qabu jecha malee dhamjecha waan hin taaneefi. Afaan Oromoo keessatti dhamjechi walabaa iddoo lamatti hiramuu dandaa'a. Isaanis: dhamjecha hiikaafi tajaajilaati.

**A. Dhamjecha Hiikaa:** Akaakuun dhamjecha kanaa walaba ta'ee qabiyyee mataa isaanii kan qaban of keessatti haammata. Dhamjechoonni akkasii afaanicha keessatti kanneen bakka antimaa bu'uun tajaajilaniin kan wal-fakkaataniidha.

Fkn:

nama, farda, muka

namni, fardi, mukni

sangaa, horii, mataa

sangaan, horiin, mataan

'nama, farda, muka, sangaa, horii fi mataa' kan jedhaman bakka raawwatamaa jiru.

namni, fardi, mukni, sangaan, horiin fi mataan bakka matimaatti tajaajila kennuu isaaniitu hubatama. Kunis jechoonni armaan olii (nama, farda, muka) yeroo matima mul'isan {-a} ofirraa haqanii {-n-} fi {-i} maxxanfatu. Kanneen 'sangaan, horiin, mataan' jedhaman immoo akkuma jiranittii ta'ee {-an} maxxanfachuun bakka matimaa jiraachuu isaanii agarsiisu.

Hundeen jechootaa armaan olii kunneen 'nam-, fard-, muk-' yoo ta'an, hundee jechootaa kanatti {-a} n fufamuudhaan akka of dandaa'an taasisee jira. {-a} n maayii antima kallattii taatee galtee waan jirtuuf hiika tokkoo ol-qabaachiste.

## B. Dhamjecha tajaajilaa

Ofdanda’ee kan dhaabbatuudha. Kan adda isa taasisu garuu hiika ykn qabiyyee mataa isaa dhabuufi tajaajila tokko qofaaf dhaabbachuudha. Dhamjechoonni tajaajilaa kun murteessitoota kanneen akka **kun, sun, sana, kana,** akkasumas durduubeewwan **irra, jala, keessa,** jedhamaniidha.

Walumaa galatti qorannoon kun akka addaan baasetti, dhamjechoonni tajaajilaa kallattii fi bakka waan tokkoo eeruu fi agarsiisuudhaaf kan gargaaraniidha. Wantoota fageenyarra jiraniifi dhiheenyarratti argamanitti quba qabnee eeruuf oolu.

### 4.9.3 Dhamjecha Hirkataa

Dhamjechi hirkataan of danda’ee kan dhaabbatu miti.Kanaaf dhamjecha hirkataa jedhamee waamama. ***Dhamjechi hirkataan akkuma maqaa isaa irraa hubatamu qofaa isaa dhaabbatee kan hiika kennu miti. Akkuma walii galaatti dhaamjechi hirkataan gosoota sadii qaba. Isaanis:***

1. **Dhamjecha Hirkataa Duree (Prefix*):*** Dhamjecha jalqaba jechaarratti maxxanee kan galuudha.

Fkn:

**A. al-al**idilee

**B. Wal-wal**maddii

**C. Gar-gar**malee kan jedhaman kitaaba Furtuu Seerluga Afaan Oromoo fuula 56 irratti dhiyaatanii jiru.

Akkaataan dhiyaannaa isaa kunis hanqina kan qabuudha. Innis Afaan Oromoo keessatti jechi maxxantuu duraa maxxanfatu tokko jechichaafi maxxantuu gidduu sararri xiqqaan jiraachuun barbaachisaadha. Kanaaf akkaataa armaan gadii kanaan barraa’uu akka qabaatu qorannoon kun eereera.

Innis: **al**-idilee, **wal**-maddii fi **gar**-malee jedhee barraa’uu qaba. Dabalataanis isaan kun qofti dhamjecha hirkataa duree ibsuudhaaf gahaa kan hin taane waan ta’eef, qorannoon kun bal’inaan dhamjechoota hirkatoo duree akkaataa armaan gadii kanatti ibseera. Isaanis:

**Wal**-fakkii, **wal**-bira, **wal**-cina, **wal**-caalmaa, **wal**-fuudhan, **wal**-lolan, **wal**-eebbisan, **wal**-abaaran

**A**l-tokko, **al**-lama,**al**-sadii, **al**-seerummaa

**Gar**-dhabeessa, **gar**-lamee, **gar**-tokkee, **gar**-kuteessa

## 2. Dhamjech Hirkataa Gidduu (Infix)

Dhamjecha hirkataa gidduu kan jedhamu dhamjecha hundee jecha gidduu kan galuudha. Dhamjechi gosa kanaa afaanota tokko tokko keessa jira malee Afaan Oromoo keessa hin jiru. Kanaafuu dhamjechi hirkataa gidduu kun Afaan Oromoo keessa hin jiru waan ta'eef, dhimma ykn waa'ee isaa bal'inaan dubbachuun ykn haasa'uun baraachisaa miti.

## 3. Dhamjecha Hirkataa Duubee (Suffix)*:* Dhamjecha hirkataa duubeen dhuma jechaa irratti maxxanee gala.

**Fkn:**

**-oota** = soroota

**-cha** = namicha

**-dhaan** =eeboodhaan

**-tti** =manatti

**-f** =isaaf

**-llee** =innillee

Haalli dhiyaannaafi uumama jechoota armaan olii dhamjecha hirkataa duubeen dhuma jechootaa irratti maxxanuudhaan unka jechoota dhiyaatanii jijjiiruufi tajaajila adda addaaf akka oolanis taasiseera.

Fakkeenyaaf:

Jechi **'saroota'** jedhu dhamjecha hirkataa duubee **'–oota'** karaa duubaa maxxanfachuudhaan heddumminaaf akka oolu taasiseera.

**'Namicha'** kan jedhu dhamjecha **'-cha'** jedhu maxxanfachuudhaan maalummaa nama sanaa ykn xiyyeeffannoo akka argatuuf tajaajileera.

**'eeboodhaan'** kan jedhus dhamjecha **'-dhaan'** jedhu maxxanfachuudhaan tajaajila meeshaatiif akka oolu agarsiiseera.

**'manatti'** kan jedhu dhamjecha **'-tti'** jedhu erga karaa duubaa maxxanfatee booda bakka ykn iddoo agarsiisuuf gargaareera.

**‘Isaaf’** kan jedhu keessatti dhamjecha hirkataa duubee **‘–f’** jedhamu maxxanfachuudhaan taateen wayii ta’uufii akka qabu kan ibseedha.

Jechi **‘-innillee’** jedhu dhamjecha hirkataa **‘–llee’** maxxanfachuudhaan maalummaa akka ibsuuf gargaareera.

Jechi **‘manarra’** jedhu dhamjecha **‘-rra’** maxxanfachuudhaan kallaattii kan agarsiiseedha.

‘Isarraa’ kan jedhus dhamjecha **‘-rraa’** jedhu maxxanfachuudhaan bifa gaaffiitiin deebii barbaaduudhaaf kan ooleedha. Haa ta’u malee kitaaba kana keessatti gaaffii deebii barbaadu waaan ta’eef, mallattoon gaaffii barraa’ee hin jiru. Kanaafuu mallattoon gaaffii jechicha (isarraa?) jedhu barraa’uun dirqama ta’a jechuudha.

Walumaa galatti qorannoo kana keessatti dhamjechi hirkataa duubeen jecha tokko duuba galuudhaan ykn maxxanuudhaan tajaajila adda addaa kanneen akka heddumminaa, maalummaa, xiyyeeffannaa kallattii, gaaffiifi kkf akka oolan armaan oliitti  addaan baaseera.

## 4.6Hundee Jechaa

Hundeen jechaa qaama jechaa erga fufiileen irraa haqamanii argamu ta’ee yaadrimee jechichaa baatuudha. Afaan Oromoo keessatti hundeen jechaa dubbifamaan xumurama. Hundeen jechaa fufiilee adda addaa ofirraa hin qabani. Fufachuuf garuu qophiidha.

Akka qorannoon kun addaan baasetti, hundeen jechaa kan hiika mataa isaa hin qabneedha. Garuu akka hiika godhatuuf akkaataa seera Afaan oromootti fufiileen adda addaa itti maxxanuun akka inni hiikaa fi ergaa dabarsu taasisu.Kanaaf fufiilee afaanicha keessa jiru fufachuuf qophii ta’uun isaa ergaa ykn hiika barbaachisu akka dabarsuufi. Dhimma kana fakkeenya armaan gadiitiin ilaaluun ni dandaa’ama.

1. saree, saroome, sarummaa, saroota
2. diimaa, diimate, diimina, diimesse
3. bare, barsiise, barumsa, bartuu

Fakkeenya armaan olii 1ffaa keessatti hundeen jechoota (**sar**ee, **sar**oome, **sar**ummaa, **sar**oota) jedhamanii maqaaleedha. Kanaafuu maqaaleen Afaan Oromoo hundee jechaa tokko irraa fufiilee garaagaraa maxxanfachuu kan dandaa’aniidha.Hundeen jechaa kunis **{sar-}** kan jedhuudha. Fufiileen adda addaa hundee jechaa kanatti fufamuun tajaajila adda addaaf oolan immoo: **{-ee}, {-oome}, {-ummaa}, {-oota}** fa’i.

Fakkeenya armaan olii 2ffaa keessatti, hunden jechoota **‘diimaa, diimate, diimina, diimesse’** jedhamaniif **{diim-}** kan jedhuudha. Fufiileen adda addaa hundee jechaa {diim-}jedhutti maxxananii tajaajila adda addaaf oolan immoo **{-aa}, {-ate}, {-ina}, {-esse}** kanneen jedhamaniidha. Jechoonni armaan olii kun garee jechootaa keessaa maqibsitoota jedhamuun warra beekaman waan ta’aniif, maqibsa irraa hundee jechaa fi fufiileetti addaan qooduun kan dandaa’amu ta’uusaa qorannoon kun addaan baaseera.

Fakkeenya armaan olii lakkoofsa 3ffaa irratti jechoota ‘**bare, barsiise, barumsa, bartuu’** jedhaman garee jechaa gochima taa’aniidha. Kanaaf akka qorannoon kun xiinxalee bira ga’etti, gochimoonni hundee jechaa fi fufiitti addaan qoodamuu kan dandaa’aman ta’uusaa addaan baaseera. Hundeen jechaa jechoota gochima ta’anii armaan olii kunneeniif akka waliigalaatti **{bar-}** kan jedhu yeroo ta’u, fufiileen garaagaraa hundee jechaa kana waliin deeman immoo **{-e}, {-sii-}, {-se}, {-um-}, {-sa}, {-tuu}** kanneen jedhamaniidha.

Akka walii galaatti fakkeenyota sadan armaan olii keessatti dhiyaataniif hundee jechootaa **{sar-}, {diim-} fi {bar-}** jedhaman dhamjechoota hirkatooti. Sababiin isaa ergaa guutuu dabarsuudhaaf banaa ta’anii fufiilee adda addaa eeggatanii erga maxxanfatanii dhaamsa barbaadame dabarsuu danda’u. Jecha hundee hordofuu jechuun yeroo jechoota horsiisnuufi gabaabsinu sagalee jecha hundee keessa jiru hordofamuun barbaachisaadha.

## Gabatee 4.6.1: Jecha hundee xumurtuulee bamaqaalee wajjin ibsu

| Xumurtuu | Ishiin /Ati | Nuti | Isin | Jarri |
|---|---|---|---|---|
| Kaasuu | Kaaste | Kaasne | kaastan | Kaasan |
| Baasuu | Baste | Baasne | baastan | Baasan |
| Dhiisuu | Dhiiste | Dhiisne | dhiistan | Dhiisan |
| Raasuu | Raaste | Raasne | raastan | Raasan |
| Usuu | Uste | Usne | ustan | Usan |
| Deemuu | Deemte | Deemne | deemtan | Deeman |
| Seenuu | Seente | Seenne | seenta | Seenan |
| Hatuu | Hatte | Hanne | hattan | Hatan |
| Dhufuu | Dhufte | Dhufne | dhuftan | Dhufan |

Gabatee armaan olii irraa hubachuun akka dandaa'ametti, jechoonni hundee xumurtuulee bamaqaalee waliin walitti dhufanii jechoota haaraa hedduu uumuu danda'uu isaaniiti. Kunis bamaqaaleen gaafa jijjiiraman innis faana unka isaa jijjiirratee kan tajaajileedha. Kanaaf hundeen jechaa tokko fufiilee baay'ee fufachuudhaan tajaajila garaagaraaf ooluu isaati.Jechoonni seera hundee jechaa hin hordofne akkaataa kanaa gadiitti tarreeffamaniiru. Isaanis:

kaafte, kaafne fi kaaftan
baafte, baafne fi baaftan
dhiifte, dhiifne fi dhiiftan
rafte, rafne fi raftan
ufte, ufne fi uftan

Akka qorannoon kun xiinxalee addaan baasetti sababiin isaa jechoonni hundee xumurtuulee bamaqaalee waliin seera hundee jechaa hordufuu dandaa'an jalqabuma xumurtuu ta'uu kan qabaniidha. Kanaaf jechoonni kunneen jecha xumurtuu biraarraa horsiifamaniidha malee hundee xumurtuu miti.

Fakkeenyaaf:

Jechoonni armaan olii xumurtuu **kaasuu, baasuu, dhiisuu, rafuu, fi ufuu** kan jedhurraa dhufan waan ta'eef ofisaaniitii hundee jecha biraa ta'uu hin dandaa'an jechuudha.

## Gabatee 4.6.2: Yoo sagaleen xumuraa jabaafi irra butaatti aanee dhufe ibsu

| **Xumurtuu** | **Ishiin/Ati** | **Nuti** | **Isin** | **Jarri/Isaan** |
|---|---|---|---|---|
| Dhowwuu | Dhowwite | Dhowwine | dhowwitan | Dhowwan |
| Gommuu | Gummite | Gummine | gummitan | Gumman |
| Gadduu | Gaddite | Gaddine | gadditan | Gaddan |
| Dafquu | Dafqite | Dafqine | dafqitan | Dafqan |
| Magruu | Magrite | Magrine | magritan | Magran |
| Dabruu | Dabrite | Dabrine | dabritan | Dabran |

Gabatee armaan oliirraa hubachuun akkuma dandaa'amutti jechoonni jabaa fi irra butaattii aananii dhufan kanneen akka:

Xumurtuu dhowwuu jedhamu irraa hundeen jechaa **'dhoww-'gomm- Gadd-, dafq-, magr-, dabr-'** yammuu ta'an, jechoonni hundee jechaa xumurtuulee kana hordofuun horsiifaman

kanneen akka **'-ite, -ine, -itan,-an'** jedhaman bamaqaalee garaagaraa armaan olii faana tajaajiluuf uumamaniiru. Kanarraa kan hubatamu hundeen jechoota kanneenii addaa adda haa ta'an malee fufiileen ykn maxxantuuleen itti maxxananii tajaajila garaagaraaf oolan waf-fakkaatu. Kanaafuu fufiileen **'-ite, -ine, -itan,-an'**jedhaman iddoo garaagaraa haa galan malee unkaan tokkuma.

Yoo jechichi sagalee **'l' fi 'r'** dhaan dhume **'l' fi 'r'** irra butaanii **'n'** sagaleessuun waan dhibuuf, **'nuti'** jalatti **'l'** ykn fi **'r'** dacha goona. Kanas gabatee armaan gadii keessatti mirkaneessuu ni dandeenya jechuudha.

## Gabatee 4.6.3

| **Xunurtuu** | **Ishiin /Ati** | **Nuti** | **Isin** | **Isaan** |
|---|---|---|---|---|
| Maluu | Malte | Malle | maltan | Malan |
| Qaluu | Qalte | Qalle | qaltan | Qalan |
| Dhaluu | Dhalte | Dhalle | dhaltan | Dhalan |
| Baruu | Barte | Barre | bartan | Baran |
| Taruu | Tarte | Tarre | tartan | Taran |
| Muruu | Murte | Murre | murtan | Muran |

Gabatee armaan oliirraa kan hubatamu jechoonni hundee jechaa xumurtuu irraa horsiifaman bakka adda addaatti fufiileen wal-fakkaatan akkuma jiran kanneen adda addaas ni jiru. Wal-fakkeenyi isaanii kunis unkaan malee tajaajila dhaabbataniin ykn laataniin garaagara. Kunis xumurtuulee kanneen akka '**maluu, qaluu, dhaluu'** jedhaman irratti maxxananii tajaajilan **'-te, -le fi –an' jedhaniidha.** Kanneen biroon immoo hundee jechaa xumurtuulee **'baruu taruu, muruu'** jedhamanitti fufamuun horsiifamuun tajaajile fufii **'-re' jedhamuudha.**

## 4.6.1 Jecha Hundee fi Hudhaa

Jechoota hudhaa sagalee 'dha'of keessaa qaban akka jechoota hudhaa fi 'dh' hin qabneetti seera jecha hundee hordofsiisuun hin ta'u. Sababiin isaa akka ammaan dura jedhametti hudhaatti ykn 'dh'tti aansanii akkasumas hudhaa ykn 'dh' irra butanii sagalee biraa sagaleessuun rakkisaa waan ta'uufi.

## Gabatee 4.6.4: Jecha hundee fi hudhaa ibsu

| Ani | Ati/Ishiin | Nuti | Isin | Jarri/Isaan |
|---|---|---|---|---|
| Baadhe | Baatte | baanne/baanye | Baattan | Baatan |
| Godhe | Goote | goone/goonye | Gootan | Godhan |
| taa’e | teette/teesse/teeche | teenne/teeny | teettan/teessan | ta’an |
| ga’e/gahe | geette/geeche/geese | geenne/geenye | geettan/geechange essan | ga’an |
| ta’e/tahe | Taate | Taane | Taatan | Tahan |
| lakkaa’e/lakkaahe | Lakkaate | Lakkaane | Lakkaatan | Lakkaahan |

Gabatee armaan oliirraa hubachuun akkuma dandaa’amutti, garri caalaan isaanii garaagarummaa akkaataa isaan itti dubbatamanii fi looga adda addaa ta’uu isaaniiti. Kanaaf jechoota **hudhaa** fi sagalee **‘dh’** of keessaa qaban seera hundee jechootaa hordofsiisuun kan hin dandaa’amneedha. Jechoonni akkasii kunis akkaataa naannawaa itti dubbatamanii hordofanii deemu.

## 4.6 Maxxantoota

Maxxanttoonni garee durduubeetti ramadamu. Maxxantuu jechuun ofdanda'ee dhaabbachuun ergaa guutuu dabarsuu kan hin dandeenyeedha.Haaluma kanaan Afaan Oromoo keessatti maxxantoonni bakka lamatti qoodamu. Isaanis:

A. Maxxantuu duraafi

B. Maxxantuu boodaati

### A. Maxxantuu duraa

Maxxantuun duraa gama duraatiin hundee jechaa ykn jecha ofdanda'aa ta'etti hirkatee gala.

Fkn:

1. wal- walbaruu

2. hin- hinqabu

3. itti- ittaanaa

4. al-  al-idilee

Afaan Oromoomkeessatti maxxantoonni duraa faayidaalee adda addaaf galuu ykn maxxanuu danda'u. Isaanis: Faayidaa heddumminaa, maalummaa, faallaafi kkf ooluu danda'u. Fakkeenyaaf jechoonni armaan oliitti maxxantuu duraa maxxanfatan
'**al-idilee'** kan jedhu faallaa ibsuuf maxxane.
**'ittaanaa'** kan jedhu immoo ga'ee hojii kan agarsiisuudha.
'**hinqabu'** kan jedhu immoo faallaa agarsiisuuf hundee jechaatti maxxanee jira.

**B. Maxxantuu boodaa**

Maxxantuun hundee jechaa irratti gama boodaan maxxanee galu maxxantuu boodaa jedhama.

Fkn:

1. **-tti**    isatti

2. **-e**   deeme

3. **-an**  harkaan

4. **-oota**   namoota

5. **-lee**   warshaalee

6. **-f**   Caaltuuf

Sararri xiqqaan maxxantuu duraa ykn booda jiran karaa hundee jechaatiin mul'isa. Afaan Oromoo keessatti maxxantoota gosa lama keessaa baay'inaan faayidaa irra kan oolan maxxantuu boodaati.

Fkn: **-lee, -ota, -oota, -yyii, -olii** fi kkf.

**Lakkoofsa qeenxee gara danuutti jijjiiruuf.**

**<u>QeenxeeDanuu</u>**

1. Warshaa warshaalee

2. hoolaa hoolota

3. nama namoota

4. lubbu-qabeessa lubbu-qabeeyyii

5. jaarsa jaarsolii

Wanti tokko saalaan dhiira ta'uu maalummaa wantichaa gaddisiisaa ykn dinqisiisaa ta'uu agarsiisa.

Fkn: **-icha**

1. Nama namicha ( saalaan dhiira ta'uu )

2. Kitaaba kitaabicha ( kitaabota jiran keessaa isa kam akka ta'e agarsiisa)

3. Bara baricha ( yeroon sun gaddisiisaa nykn dinqisiisaa ta'uu)

**Ennaa agarsiisuuf gala**

Fkn: **-e**

1. Deem- deem**e**

2. Dhuf- dhuf**e**

3. Gal- gal**e**

**Hima keessatti yammuu fayyadu:**

1. Mucaan mana barumsaa **deeme.**
2. Namich ganamaan **dhufe.**
3. Gurbaa abbaankee galgalamoo ganama **gale?**

### 4.6.1 Faayidaa Maxxantootaa

Maxxantoota Afaan Oromoo faayidaarratti hundaa'uun iddoo lamatti hiramu.Isaanis maxxantuu hortee fi maxxantuu uumamtee jedhamu.

**B. Maxxantuu hortee:** Hundee jechaatti maxxanee galuun faayidaa seerlugaa kan agarsiisuudha. Kunis kan akka danoomaa, saala, beekumsa, ennaa, ramaddii fi kkf.

Fkn:

Hoolaa - Hoolota

Deeme – deemte

**C. Maxxantuu Uumamtee:**Hundee jechaatti maxxanamee gala. Garuu faayidaan isaa garee hundee jechaa sana jijjiiruuf tajaajila.Garee jechaa maqibsii gara maqaatti

Fkn:

| **Maqibsii** | **Maxxantuu** | **Maqaa** |
|---|---|---|
| Jabaa | -ina | jabina |
| Laafaa | -ina | Laafina |
| Guddaa | -ina | Guddina |

Akka fakkeenya armaan olii irraa hubannetti sagaleen jechoota maqibsii dubbachiiftuu ‘aa’ tiin xumuraman gara maqaatti yoo jijjiirru maxxantuu ‘**-ina’** jettu kan ofitti fudhatuudha. Kunis maqaa uumamtee jedhamuudhaan kan beekamuudha.

Fkn 2:

| **Maqibsii** | **Maxxantuu** | **Maqaa** |
|---|---|---|
| A. Dheeraa | -at- ,-e | Dheerate |
| B. Furadaa | -at-, -e | Furdate |

Fakkeenya lammaffaa armaan olii keessatti wanti hubatamu jechoota xumura keessatti ‘**-at-**‘n maxxantuu uumamtee yoo taatu, **‘-e’**n immoo maxxantuu hortee ennee agarsiiftuudha.

Fufiin ykn maxxantuun gosa dhamjecha hirkataa ta’ee, hundeettii fufamuun hiika kan jijjiiru ykn tajaajila caasluga adda addaatiif kan ooluudha. Akaakuwwan dhamjecha kanaa bakka garaagaraatti qoqqooduun akka kanaa gadiitti xiinxaluun ni dandaa’ama. Isaanis:

## A. Dhamjecha Hortee

Akaakuu warra hirkatoo ta'uudhaan tajaajila adda addaatiif kan ooluudha. Tajaajilli isaanii kunis:

Koorniyaa (dhiiraa fi dhalaa ykn naayee)

Ramaddii (1ffaa, 2ffaa fi 3ffaa)

Maayii garaagaraa (matimaa, antimaa, meeshaa fi kkf)


Haala raawwii (kan raawwatee fi hin raawwatin)

Ilaalcha (iyyaafata, ajaja, beeksisa)

Lakkoofsa (heddumminaa fi qeenxee)

Tajaajila kanneen armaan olii kana agarsiisuudhaaf jecha ykn hundee jechaatti fufamuun ykn maxxanuun taajijilu. Akka qorannoon kun xiinxaletti dhamjechoonni hortee Afaan Oromoo keessatti faayidaa olaanaa kennuu danda'uu isaanii barreeffama armaan olii irraa hubachaan dandaa'ameera. Kanaafuu osoo dhamjechoonni hortee kunneen hundee jechaatti ykn jechoota adda addaatti maxxanuu ykn fufamuu baatanii tajaajiloota armaan olii kana afaanicha keessatti argachuun rakkisaa ta'a. Yaada keenya akka barbaannetti ibsachuufi caasaalee afaanii afaanicha keessa jiranitti gargaaramuudhaaf dhamjechoonni hortee faayidaa guddaa laachuu isaanii hubannee jirra. Kana mirkaneessuudhaf immoo fakkeenyi armaan gadii dhiyaatanii jiru.


**<u>'Fardaan'</u>** jecha jedhu tajaajiloota dhamjecha hortee oliitti tarreessine ofirraa qabaachuu isaanii caasmukeedhaan xiinxalamaniiru.




Caatoo armaan olii irraa hubachuun kan dandaa'amu jecha 'fardaan' jedhu keessatti dhamjechoonni ykn fufiileen hiriira galaniin faayidaa tokkoo tokoo isaanii kan qabaatan ta'uudha. Kanaaf jechi kun gaafa barraa'u sagaleeleen hiriira barraa'an keessatti tajaajila oolaniif kan qaban ta'uusaaniitu mirkaneeffamee jira. Tajaajilli isaanii kunis maayii meeshaa {-n},

maayii antima alkallattii {-a isa duraa}, maayii antima kallattii {-a isa lammataa} kan agarsiisaniidha. Kanneen kun hundinuu hundee jechaa {fard-} jedhamu irraa kan horsiifan ta'aniiru. Hiriira jecha 'fardaan' jedhu kana keessatti dhamjechoonni yeroo galanitti faayidaa kennuun isaanirraa eegamu kennuudhaaf walfaana akka galan caatoo armaan olii kana irraa hubachuun ni dandaa'ama. Kun immoo seera barreeffama Afaan Oromoo osoo hin cabsin waltarree galuudhaan faayidaaf oolanii jiraachuu qorannoon kun addaan baaseera.

A. Jecha **<u>'garbichichatu'</u>**jedhu tajaajila dhamjechoonni hortee keessatti qaban caatoo armaan gadii kanaan xiinxalamaniiru.




Caatoo armaan oliirraa qorannoo kun akka addaan baasetti, jechoonni hiriira jecha **'garbichichatu'** jedhu keessatti faayidaa tokkoo tokkoo mataa isaanii kan qabaniidha. Dhamjechoonni hortee hundee jechaa **'garb-'** jedhutti fufamuudhaan xiyyeeffannoo {-tu}, antima kallattii {-a}, murteessituu {-ch-}, matim mul[istuu 1ffaa {-i}, tokkeessituu {-ch- ykn saalaaf}, matim mul'istuu 2ffaa {-i}ta'anii faayidaa laataniiru. Kanaaf dhamjechoonni jecha 'garbichichatu' jedhutti walfaana hiriiranii galan faayidaaf malee callisanii kan hiriiran akka hin taane addaan baafameera. Hiriira keessa galuun fufiilee ykn dhamjechoota kanaas Afaan Oromoo keessatti seera afaanichaa osoo hin faallessin akka hiika kennuun barbaachisu isarraa

eegamu taasisutti kan barreeffame ta'uusaati. Kanaaf fufiilee ykn dhamjechoota argachuuf jecha callisamee walitti kan dhufan akka hin taane hubachuun barbaachisaadha.

Walumaa galatti dhamjechoonni horteen adeemsa fufannaa keessatti gudunfaa jecha tokkoo ta'uun kan tajaajilaniidha. Hundee jechootaatti aananii galuun dhamjechoonni biroon hundee jechaatti akka hin fufamne taasisuu kan dandaa'aniidha. Tajaajila caasluga adda addaaf kan oolan ta'uusaanii xiinxalli qorannoo kanaan bira ga'ameera.

## 1. Dhamjecha Uumamtee

Dhamjechoonni uumamteen garee jechaa ykn hiika jijjiiruun jechoota haaraa uumuuf kan tajaajilaniidha. Dhamjechoonni kun garee gochimeesitootaa, maqeessitootaa fi maqibseessitootaatti qoqqooduun akkaataa armaan gadii kanaan xiinxalamaniiru.

**Gabatee 4.9.3 Dhamjecha uumamtee ibsu**

| **Lakk.** | **Jecha** | **Dhamjecha uumamtee** | **Jecha uumamtee** |
|---|---|---|---|
| 1. | Ijaare | -sa | Ijaarsa |
| **D.** | Cime | -aa | Cimaa |
| 3. | Gadhee | -ummaa | Gadhummaa |
| | Fure | -maata | Furmaata |
| | Bare | -siis- | Barssise |
| | Bare | -am- | Barame |
| | Ibse | -a | Ibsa |
| | Bareede | -dduu | Bareedduu |

Gabatee armaan olii irraa hubachuun kan danda'aumu dhamjechoonni uumamteen jechootatti fufamuudhaan jechoota uumamtee uumuu isaanii qorannoon kun addaan baaseera. Gabaticha keessatti maqeessitoota uumamtee kanneen jedhaman: **{-sa}, {-ummaa}, {-maata}** fi{ –**a}** dha. Gareen jechaa isaan jechatti fufamuun uumanis garee maqaa armaan gadiiti.

ijaarsa

gadhummaa

ibsa

furmaata

Gabatee armaan olii keessatti dhamjechoonni uumamte maqibsitoota ykn maqibseessitoota jedhaman {**-dduu}** fi **{-aa}** fa'i. Jechoonni uumamtee isaan uuman immoo kanneen gadiiti.

1. ***bareedduu***
2. ***cimaa***

Akkuma olitti gabatee keessatti ibsamee ture dhamjechoonni uumamtee garee gochimeessitoota ta'anii gochima uuman **{-siis-}** fi **{-am-}** kanneen jedhamaniidha. Jechoonni uumamtee isaan jecha **'bare'** jedhamanitti fufamuun uuman immoo **'barsiisee'** fi **'barame'** kan jedhamaniidha.
Walumaa galatti akka gabatee armaan olii irraa hubatametti, dhamjechoonni uumamteen dhamjechoota hortee dura ykn boodatti aanee galuun tajaajila. Garee jechootaa ykn hiikaas jijjiiruu kan danda'aniidha.

## 4.7 Gabaabsa

Gabaabsi haala ittiin jechoonni haraan uumamaniidha. Himni Afaan Oromoos otoo hiikni isaa hin jijjiiramin gabaabbatee himamuu danda'a.

Fkn: Akkas turee? = Akkasiiree?
Gabaabsa armaan oliirraa akka hubatamutti, gabaabsi faayidaa guddaa qabaachuusaati. Kanaaf osoo gabaabsa hin qoratin tasumaa Afaan Oromoo qorachuun hin dandaa'amu.Kanaaf hadha (har'a) *yuunbarsiitiileen, kolleejjiileen, barnoonni olaanaa danuun 'dargaggoo' jedhanii barsiisaa. Nama qorannoofi saayinsii Afaanii irratti hundaa'eef immoo jechi 'dargaggoo'daguugora ta'uu hin mamsiisu.
Waan gabaabsi hin qoratamneef hadha namoonni Afaan Oromootiin hojjetan 'sharariit' Afaan Amaaraati. Afaan keenya tekinooloojii ammayyaa wajjin deemsisuuf fi ykn soofti weerii itti uumuuf seera gabaabsa qorachuun gaariidha. Afaan Kun amala gabaabbatee fi dheeratee otoo hiikni isaa hin geeddaramin dubbatamu qaba. Amala kana irraa kan eegale naannawaalee adda addaatti kan gabaabsee, kan otoo hin gabaabsi, dubbachuutti jira. Kunis akdubbii naannawaalee uume. Kanaaf furtuun qorannoo akkasumas guddina Afaan Oromoo seera gabaabsa irraa eegala.

Fkn:

1. dardara + gaheessa = dardargeessa
2. dardara + gahoo  = dardargoo
3. Sara + hiitii = sarariitii
4. dabaluu +laaquu = daballaquu
5. cafaquu + laaquu = cafallaquu
6. dara + ejjaa/ejjannaa = darajaa

### 4.7.1 Faayidaa Gabaabsaa:

Gabaabsi Afaan Oromootiif faayidaa adda addaa qaba.

1. **Hiika jechootaa baruuf**:Jechoota haala adda addaatti dagatamaniifi hiikni isaanii hin beekamne gabaabsa qorachuun baruutu dandaa'ama.

Fkn:

1. dara + baha = darbaa
2. dara + bahe = darabee
3. dara + haaraa = daraaraa
4. * dara + ejjaa/ ejjannaa = darajaa
5. mana + daraa = mandara

2. **Seenaa Oromoo qorachuuf:** Seenaa Oromoo qorachuuf Afaan Oromoo gargaarsa guddaa qaba.

Fknf jecha 'Wallaggaa' jedhu namni tokko tokko akka maqaa namaatti ilaala.  Hiikni maqaa 'Arsii' jedhamus qorannoo  Afaan Oromootiin beekamuu danda'a. Arsii'( Abbaan Sikkoofi Mandoo) jechuun 'warra asi' jechuuf kan maqaan baheef fakkaata. Kanaaf ragaa sochii jaarraa 16ffaa haa ilaallu. Gidduun ykn hundhuurri sochii kanaa Madda Walaabuu ture. Oromoo arti (achi irraa) duulee *lafoota isaa eega deebisatee booda bara muudaa *bakkayyuu irraa Madda Walaabuu dhaqeetu ayyaana muudaa irratti hirmaataa ture. Bakka irraa dhufe ennaa warra Abbaan Muudaatti himatu bakka gahe himata.

'Isa Walal biraan dhaqeen, Walalgaha= Wallaggaa'

'Isa Harar biraan dhaqeen, Harargahe = Hararge' jedha.

3. **Gabaabsi jechoota maxxananiifi qobaa barreessaman adda baasuuf gargaara:**

Fkn: 'fi' haa ilaallu

1. Hujiin isaa mana gurguruudhaaf ijaaruudha.

Hiikni hima asii olii kaayyoo tokkoodha. Innis namichi gurgurtaaf mana ijaara. Kanaafuu himicha akka asii gadiiti gabaabsuu dandeenya.

**Hojiin isaa mana gurguruuf ijaaruudha**.

Hima armaan olii keessatti jecha 'dhaa' yoo hambisne hiikaafi ergaa himaa duraa hin geeddaru.

Fkn: Hojiin isaa mana gurguruudhaa fi ijaaruudha.

Ergaan hima kanaa waa lamadha.

1. Hojiin isaa mana gurguruudha.
2. Hojiin isaa mana ijaaruudha.

Gochi lamaa walitti hin jirani.

Hima armaan olii yoo walitti finne:

Hojiin isaa mana gurguruu fi ijaaruudha.

Jecha 'dha' tokkoon gocha lamaanuu ibsuu dandeenya. Garuu akkaataa asii gadiiti yoo gabaabsine hiikni isaa jijjiiramuu danda'a. Innis

Hojiin isaa mana gurguruu fi ijaaruudha. Hiikni hima asii olii hiika fakkeenya duraatti deebi'e. 'fi' dheeressinee barreessinu illee hiikni isaa lamaan asii olii keessaa adda bahee hin beekamu. Kanaaf 'f' maxxansinee yoo barreessine sirrii oggaa ta'u, 'fi' maxxansuun immoo dogoggora fida.

Jechoonni tokko tokko gabaabbatanii maxxananis, dheeratanii qobaa dhaabbatanis rakkina hin qabani.

Fkn:

A. Jecha kana irratti ilaalcha lamatu jira.
   Jecha kanarratti ilaalcha lamatu jira.
B. Namarraan muka irra jira.
   Namarraan mukarra jira.
C. Fayyeeraan dhufee jira.
   Fayyeeraan dhufeera.
D. *Tolaan akkas ture?
   Tolaan akkasiiree?

E. Iddattiin nyaachuu itti jira.
   Iddattiin nyaachuutti jira.

Jechoonni tokko tokko akka lamaatti gabaabbachuu danda'u.

Fkn: Ani + ni = nan/ min
Ani ni dhufa= dheeraa
Nin dhufa.
Nan dhufa.

### 4.7.2 Jechoota Gabaabsa: Jechoonni dhaabbatummaatti gabaabsaaf tolchaman ni jiru.

Fkn:

**A. Gabaabsaa fi taheessa**

Hooga + gaheessa = hoogessa (hooga= care)

Hoogessa - (mature enough to care)

A. Hooga + nama = hoogaa
B. Dardara + gaheessa = dardargeessa
C. Soora + gaheessa = sooressa
D. Dura + taheessa = dureessa

Gabaabsa armaan olii keessatti kitaaba kana irraa ‘gabaabsaa fi taheessa’ kan jedhu akka fakkeenyaatti fudhatee jechoota gabaabsaan horsiifaman horsiisuuf ture. Garuu fakkeenyota kanneen tarreeffaman tokko tokko keessatti jecha ‘gaheessa’ jedhu fayyadamamee jiraachuu isaatu mul’ata. Haa ta’uutii garuu jechoonni haaraan walitti dhufeenya jechoota lamaaniin jechi haaraan uumamee jiraachuusaa qorannoon kun xiinxaleera.

**B. Hima**

   A. Ergaa + hima = ergamaa
   B. Afaan + hima = adaamaa
   C. Kadhaa + hima = kaadhima
   D. Asoosaa + hima = asoosama

Gabaabsa armaan olii keessatti jecha **‘hima’** jedhutti gargaaramuun jechoonni haaraan uumamuu isaaniiti. Jechoonni uumaman kunis jecha ‘ergaa’ jedhaman waliin walitti dhufanii gabaabbachuudhaan kan uuman ta’uu isaanii qorannoon kun addaan baaseera. Kanaafuu qabiyyeen jechoota **‘ergaa’** fi **‘hima’** jedhamanii garaagara ta’uun yeroo walitti dhufan immoo unka biraa ykn qabiyyee biraa uumuudhaan gabaabbachuudhaan ta’anii jiru.

**C. Anaa fi nu**

A. Gala + ana = galaanaa
B. Boora + ana = boorana
C. Jabaa + anaa = jabanaa
D. * Irree + ana = irranaa

Akkuma fakkeenya armaan olii kanarraa hubachuun dandaa’amutti, jechoonni lamaan ‘Anaa’ fi ‘nu’ jedhaman gabaabbachuun jecha kan uuman taasifamanii jiru. Haa ta’u malee kanneen jecha uuman ‘ana’  kan jedhu qofaadha. Kanaaf akka qorannoon kun xiinxalee addaan baasetti, jechoonni gabaabsaaf dhiyaatanii fi kan gabaabsaman garaagarummaa qabaachuu isaaniiti. Kanaaf kitaaba kana keessatti hanqinni jiraachuu isaa addaan baafameera.

**D. Kana**

A. Ganda +  kana = Gandaa
B. Warra + kana = warrana
C. Bara + kana = barana
D. Gama + kana = gama a

**E. Sana**

A. Ganda + sana = gandas
B. Warra +sana = warras
C. *Yeroo +sana = Yoos

**F. Isaa**

A. Tola + isaa = tolasaa
B. Muraa + isaa = muraasa
C. *Galaa +baha = gabaa
D. *Yaada +isaa = yaadasa
E. *Gabaa + yaa’aa = gabayaa

Fakkeenya armaan olii irraa akkuma hubatamutti, jechootaa haaraa uumuudhaaf jecha ‘isaa’ jedhutu dhiyaateera. Haa ta’u malee **‘baha’,** fi ‘**yaa’aa’** kanneen jedhaman faayidaa irra oolanii jiru. Kunis hanqina kitaaba kanaa ta’uun addaan baafameera.

**G. Ishii**

A. Damma + Ishii = dammashii
B. * Nagaa + isee = nagaasee
C. Kuma + Ishii = kumashii
D. Booda + Ishii = boodashii

**H. Taatuu, tahuu, tahaa**

A. Caalaa + taatuu= caaltuu
B. Aanaa + taatuu = aantuu
C. Warqii + taatuu = warqituu
D. Galaa + tahaa = galataa
E. *Dheeraa + tahuu = dheeratuu

Fakkeenya olii kana irraa hubachuun kan dandaa’amu jechoota **‘taatuu’, ‘tahuu’,** fi **'tahaa’** jedhaman walitti fiduudhaan jechoonni haaraan kan uumamaniidha.

**I. Taasisuu fi taasistuu**

A. * Bara + taasistuu = barsiisuu
B. Eebba + taasistuu =eebbistuu
C. Dhiqaa + taasistuu= dhiqsiistuu

Fakkeenya olii keessattis jechoota haaraa uumuudhaaf kanneen dhiyaatanii jiran **‘tasisuu’** fi **‘taasistuu’** jechoota jedhamaniidha.

**J. Jiraa fi jirti**

A. Fayyee + jira = fayyeera
B. Deeme + jira = deemeera
C. Bahee + jira = baheera
D. Deemte + jirti = deemteerti/ deemteetti/
E. Rafee + jirti = rafteetti/ rafteetti/

Fakkeenya olii kana irraa kan hubatamu jechoonni garaagaraa lama walitti dhufanii gabaabbachuudhaan jecha haaraa tokko yeroo uuman gabaabsa keessatti jechoonni hanga sadarkaa birsagaatti cituu ykn hafuu ykn gabaabbachuu isaaniitu mul’ata. Kanaaf armaan olitti kan cite hafe jecha **‘jiraa’** jedhu irraa **‘jir-‘** kan jedhuudha. Haa ta’u malee qabiyyee jecha ‘jiraa’ jedhamu kanaan jechi haaraan uumamee jiru qorannoo kanaan adda ba’e hin jiru. Sababiin isaas jecha **‘jira’** jedhu irraa kan uumaman waan ta’aniifi. Afaan Oromoo keessatti immoo jechi ‘jiraa’ fi **‘jira’** jedhaman garagarummaa guddaa qabu.

**K. Jiru, jiran fi jirra**

A. Deemanii + jiru = deemaniiru
B. Deemanii + jiran = deemaniiran
C. Baanee + jirra = baaneerra

Fakkeenya armaan olii kana irraas jechoota tooftaa gabaabsaan uummuu keessatti jechoonni hanga sadarkaa birsagaatti gabaabbatanii jiraachuu isaaniitu mul’ata. Innis biragni ‘jir-‘ jedhu kan hafe ta’uu isaa qorannoon kun xiinxalee addaan baaseera.

**L. Irra + irraa**

A. Nama + irraa = namarraa
B. Muka + irra = mukarra

Akkuma armaan oliitti hubachuun dandaa’amutti, jechoonni gabaabbatanii jecha haaraa uumuudhaaf dhiyaatan **‘irraa’** fi **‘irra’** kan jedhamaniidha. Haa ta’u malee, gabaabbachuudhaan jecha haaraa kan uume jecha ‘irra’ jechu qofaa ta’uusaa qorannoon kun addaan baaseera.

## 4.7.3 Jechoota adda addaa irraa

A. Hogeesaa + barruu = hoogbarruu
B. *ada + gahaa = adagaa
C. *Farda + fakkii = fardiffa

### 4.7.3.1 Hundee jechaa irraa dhalatoo baasuu

Hundee jechaa jechuun qaama jecha tokkoo kan dhamjecha ofitti hin maxxanfatin ykn handhuura jecha tokkooti.

Fkn : Jecha **‘deeme’** jedhu keessatti dhamjechi **‘e’** jedhu ennaa darbe agarsiisa.Dhamjechi ‘deem-‘ jedhu immoo hiika sochii iddoo tokkorraa iddoo biraatti godhamu agarsiisa. Kanaafuu

jecha ‘**deeme‘** jedhu jedhu keessatti dhamjechi **‘deem-‘** jedhu kun hundeedha. Hundee jechaa irraa dhalatoo ykn yaasa yoo baafnu akka armaan gadii ta’a.

**Fkn 1: <u>deem-</u>**

1. deeme
2. deemte
3. deemne
4. deeman
5. deemtan
6. deemuuf
7. deemneerra
8. deemteetti

Akka qorannoon kun addaan baasetti, hundee jechaa irraa jechoota dhalatoo ta’an hedduu baasuun akka dandaa’amu hubatameera.

## 4.8 Rakkoolee dhiyaannaa horsiisaa fi uumama jechoota Afaan Oromoo kitaabilee seerlugaa filataman keessatti mul’atan

ga+**nd**a = ganda

gaa+**ng**ee = gaangee

sha+maa = shamaa

bee+**ll**a+ma =beellama

ha**+rree = harree**

Jechoonni asii oliitti ilaalle sagalee hedduun qindaa’amanii kan uumaman ta’uu hubanna. Haa ta’u malee akkuma olittii qoqqoodiinsa birsagoota kanneeniifi uumamni jechootaa birsagoota kanaan uumamanii tokko tokko sirrii kan hin taaneedha.

Lakk. 1ffaa irratti qoqqoodinsi birsagaa jecha ***‘ganda’*** jedhuu ***‘ga+nda’***jedhu seera qoqqooddii birsaga Afaan Oromoo eegee hin qoodamne.

Lakk.2ffaa irratti qoqqoodinsi birsagaa jecha ***‘gaangee’*** jedhu ***‘gaa+ngee’*** jedheetu qoqqoodamee jira.

Lakk. 4ffaa irratti qoqqoodinsi birsagaa jecha ***‘beellama’*** jedhu ***‘bee+lla+ma’*** jedhee qoqqoodee jira.

Lakk. 5ffaa irratti qoqqoodinsi birsagaa jecha ***‘harree’*** jedhu ***‘ha+rree’*** jedheetu qoqqoodee jira.

Sababiin isaas caasaa fi qoqqooddii birsagoota Afaan Oromoo keessaatti sagaleen dubbifamtootaa lama gosa garaa garaas haa ta’uu (irra butaa), gosa tokkos haa ta’uu (sagalee jabaa) ta'anii walitti aananii hin barreeffamani. Sagaleen irra butaa ykn jabaan tokko birsaga keessatti yeroo barreeffamani gara birsaga isa duraatti qoodamu malee dubbifamaan lama ta’ee walitti aanee hin qoodamu.

**Hanqinaaleen qoqooddii birsagoota armaan olii kunneen kan itti sirrachuu qabanis:**

Jechi ***‘ganda’*** jedhu birsagoota ***‘gan+da’*** jedhamanitti qoodamuu qaba.

Jechi ***‘gaangee’*** jedhu birsgoota ***‘gaan+gee’*** jedheetu qoqqoodamuu qaba.

Jechi ***‘beellama’*** jedhu ***‘beel+la+ma*** jedhamee qoqqoodamuu qaba ture.

Jechi ‘mana’ jedhu sagalee = /m//a//n//a/ jedhaman of keessaa qaba.

Jechi ‘ganama’ jedhu sagalee =/g//a//n//a//m//a/ jedhaman of keessaa qaba.

Jechi ‘boonaa’ jedhu sagalee =/b//o//o//n//a//a/ jedhaman of keessaa qaba.

Sagaleewwan kunneen walitti dhufanii osoo jecha hin uumin dura birsaga kalaqu. Birsaga jechuun immoo gamtaa sagalee fi bu’uura jechaa kan ta’eedha. Kanaaf haala kanaan birsagni wanta sagaleewwan qabatee uumamee argamu kan hiika qabaachuu danda’u jechuudha.

Maalummaafi hiika jechaa dura osoo hin ibsin kallattiimaan waa’ee sagaleelee jecha tokko keessa jiran qoqqooduurratti xiyyeeffatee jira.

Dhimmoota horsiisaa fi uumama jechoota Afaan Oromoo iratti bal’inaan hin xiyyeeffanne. Caasaaleen dhamsagootaa jechoota uumuudhaaf walitti dhufanis sirnaan kan qindaa’an akka hin taane qorannoon kun addaan baasee xiinxaleera.

Haaluma kanaan qorannoon kun akka xiinxalee addaan baasetti kitaaba kana fuulota addaa addaa keessatti hanqinni qoqqooddii birsagootaafi caasaalee isaa waliin walqabatan ilaalchisee hanqinni kan jiru ta’uusaa addaan baaseera. Kun immoo horsiisaa fi uumama jechoota Afaan Oromoo irratti dhiibbaa kan qabuu fi namoonni kitaabicha dubbisan ilaalcha ykn hubannoo dogoggoraa akka qabaataniif karaa saaqa. Kanaaf qorannoon kun dhiyaannaa qabiyee jechootaa birsagootaan uumamanii irratti ilaalchisee hanqinaalee jiranii fi akkamiin akka uumaman kitaaba kana keessaa sakatta’ee addaan baaseera.

### 4.8.1 Rakkoolee duraa duuba sagalootaa jijjiiruun uumaman

Lama = mala

Nama =mana

Lafa = fala

Laga = gala

Qaama = maqaa

Gaara = ragaa

Qorannoon kun akka mirkaneessetti duraa duuba sagaloota armaan olii jijjiiruun jechootni armaan gadii uumamuu akka dandaa'an addaan baaseera. Isaanis:

**'Lama'** jecha jedhu irraa jechoota akka: **amma, maal, ala, alaala, malaammalaa** fi **malaa** uumuun dandaa'ameera.

**'Nama'** jecha jedhu irraa jechoota akka**: aanaa, ana, aannan, naannaa, amma, ammam, namaan** fi **anaan** uumuun dandaa'ameera.

**'Lafa'** jecha jedhu irraa jechoota akka: **laafaa, lallaafaa, faalaa** fi **ala** uumuun dandaa'ameera.

**'Laga'** jecha jedhu irraajechoota akka: **gaala, galaa, galgala, gaggalagalaa, laagaa, ala, alagaa** fi **alaala** uumuun ni dandaa'ameera.

**'Qaama'** jecha jedhu irraa jechoota akka:**amma, ammaa fi amma** kanneen jedhana ijraaruun dandaa'ameera.

Walumaa galatti qorannoon kun akka mirkaneessetti, jechoota kanneen '**lama, nama, lafa, laga fi qaama'** jedhaman irraa jechoonni haaraan kanneen akka **amma, maal, mala, ala, alaala, malaammalaa, malaa aanaa, ana, aannan, naannaa, amma, ammam, namaan, anaan, laafaa, lallaafaa, faalaa, ala, gaala, galaa, galgala, gaggalagalaa, laagaa, ala, alagaa, alaala, amma, ammaa amma** jedhaman uumamuu isaa qorannoon kun addaan baaseera.

### 4.8.2 Rakkoolee jochoota gabaabsaa ilaalchisee mul'atan

### 1. Ishii

***Nagaa + isee = nagaasee**

Akka qorannoon kun addaan baaseetti, jechoota haaraa haala gabaabsuutiin uumuudhaaf jecha **'ishii'** jedhutu jira. Garuu **'isee'** kan jedhu fayyadamameera. Jechoonni kun hiikaan tokko taa'an illee unka ykn qabiyyeedhaan addaa adda. Kanaafuu jecha fayyadamuuf duraan dhiyaate irraa

kan biraa bakka buusanii barreessuun hanqina ta'uu isaa qorannoo kanaan addaan baafameera. Kanaafuu qorannoon kun dhimmoota xiinxala dhiyaannaa qabiyyee horsiisaa fi uumama jechoota Afaan Oromoo kitaaba kanaa irratti waan xiyyeeffateef hinqinni dhiyaannaa jechaa jiraachuu isaa addaan kan baaseedha.

## 2. Taatuu, tahuu, tahaa

*Dheeraa + tahuu = dheeratuu

Akka qorannoon kun addaan baasetti fakkeenya **'E'** irratti kan dhiyaate jechi **'dheeratuu'** jedhu akka seera afaanichaatti **'dheeratu', dheertuu'** ykn **dheerachuu** yoo jedhe irra caalaa hiika qabaata**.** Kanaaf qorannoo kana keessatti dhimmi hiikaa qoratamuu baatullee, dhiyaannaan isaa akkaataa kanaan sirrachuun gaarii ta'a.

## 3.Taasisuu fi taasistuu

* Bara + taasistuu = barsiisuu

Fakkeenya 'A' irratti **'bara'** fi **'taasistuu'** jechoota jedhaman irraa jechi uumamee jiru **'barsiisuu'** kan jedhuudha. Kanaaf akka qorannoon kun xiinxalee addaan baasetti, qabiyye isaa irraa kaatee jecha biraa fayyadamuu isaati waan ta'eef, **'barsiistuu'** jedhamee kan sirratu ta'uu qaba.

## 4.8.3 Jechoota adda addaa irraa

*ada + gahaa = adagaa

*Farda + fakkii = fardiffa

Gabaaba jechoota armaan oliirraa kan hubatamu tooftaa jechoonni Afaan Oromoo ittiin horsiifaman ta'ee kan gargaaruudha. Haa ta'u malee jechoonni haaraan uumamanis ta'e kanneen duraan jiran kitaabicha keessatti iddoo hundatti beekamoo ta'uu dhiisuu malu. Kana jechuun jechoonni armaan olii kunneen tokko tokko loqoda iddoo hundatti haasa'aman kan hin taaneedha. Kanaafuu kitaabni barreeffamu tokko haala loqoda waliigalaa irratti xiyyeefachuudhaan qophaa'uun barbaachisaadha.

### 4.8.3.1 Hundee jechaa irraa dhalatoo baasuu ilaalchisee hanqinaalee mul'atan

**Fkn 1: <u>deem-</u>**

9. deeme
10. deemte
11. deemne
12. deeman
13. deemtan
14. deemuuf
15. deemneerra
16. deemteetti

Akka qorannoon kun addaan baasetti hanqinaaleen mula'atan jechoonni armaan olii kanneen muraasa ta'an hundee jechaa **'deem-'** jedhurraa uumamuu isaaniiti. Jechoonni dhalatoo biroon kanneen armaan gadii uumamuu akka dandaa'an qorannoon kun mirkaneesseera. Isaanis: **deemuu, deemsa, deemaa** kanneen jedhaman jechoota dhalaotoo haaraa uumamuu dandaa'aniidha.

**Fkn 2: <u>dhug-</u>**

1. dhug**de**
2. dhug**e**
3. dhug**an**
4. dhug**uuf**
5. dhug**dan**
6. dhug**eera**

Hanqinaaleen mul'atan hundee jechaa kana irraa jechoonni dhalatoon kanneen baay'inaan muraasa ta'an uumamamuu isaaniti. Kanaaf jechoonni armaan gadii biroonis horsifamuu ykn uumamuu akka dandaa'an qorannoon kun mirkaneesseera. Jechoonni dhalatoon uumamuu dandaa'anis kanneen armaan gadiiti. Isaanis: **dhugeera, dhugdan, dhugaa, dhuguma, dhugduu, dhugame, dhugamuuf** fi **dhugame** kanneen jedhaman jechoota dhalatoo kanneen birooti.

Walumaa galatti hundee jechaa irraa dhalatoo baasuu ilaalchisee akka qorannoo kanaan adda hundee jechaa tokko irraa jechoota dhalatoo hanga baasuun dandaa'amu baasuun barbaachisaa ta'uusaasaati. Dhalatoon armaan oliitti hundeewwan jechootaa fakkeenya 1ffaa fi 2ffaa keessatti qorannoon kun baasee mirkaneesses kanaaf ragaa guddaadha.

**<u>QeenxeeBaay'ee</u>**

*C. muka kukkeen

*B. hiyyeeyyii hiyyeessa

*C. dureeyyii dureessa

Jechoota armaan olii keessatti akkaataan uumama isaanii tokko tokko dogoggora kan qabaniidha. Fakkeenyaaf kitaaba kana keessatti jecha **‘muka’** jedhu yeroo gara daneessuutti jijjiirame ‘kukkeen’ jedhee jira. **‘Hiyyeessa’** kan jedhu immoo danuu jalatti dhiheessee **‘hiyyeeyyii’** kan jedhu qeenxee jalatti dhiheessee jira. Akkasumas **‘dureessa’** kan jedhu danuu jalatti dhiheesse **‘dureeyyi’** kan jedhu immoo qeenxee jalatti dhiheessee jira. Kanaaf qorannoon kun akka xiinxaletti jechoonni bakka barbaachisaniifi bakka isaanii eeganii barreeffamuun dirqama akka ta’u addaan baaseera. Hanqinaaleen mul’atan kunneen dubbistoonni kitaabichaa akkaataa dubbisanii hubachuu dandaa’an irratti dhiibbaa waan uumuu danda’uuf, qorannoon kun hanqinaalee mul’atan kanneeniif akkamitti akka barreeffamuu qaban addaan baasee mul’iseera.

# BOQONNAA SHAN: GOOLABA, ARGANNOO FI YABOO

## 5.1 Goolaba Qorannichaa

Kaayyoowwan qorannoo kanaa giddu galeessa godhachuudhaan horsiisaa fi yaasa jechoota Afaan Oromoo kitaabilee seerlugaa filataman keessatti haala kamiin akka dhiyaatan xiinxalliin geggeeffameera. Qabiyyeen horsiisaa fi yaasa jechoota Afaan Oromoo ilaalchisee hanqinnijiru addaan baafamanniiru.Rakkoolee dhiyaannaa horsiisaa fi uumama jechoota Afaan Oromoo kitaabilee seerlugaa filataman keessatti mul’atan addaan baasuu xiinxalamanii jiru.Afaan Oromoo keessatti jechoonni horsiifaman jechoota durumaan hiika qaban garaagaraa lama irraa jecha hiika qabu tokko uumanii argamuudha. Horsiisa kana keessatti jechoonni unka duraan qabatanii turan jijjiiruudhaan jecha unka haaraa ta’e kan uumaniidha. Jechi qindaayina sagaleetiin uumama sagaleewwan dubbifamtoonnii fi dubbachiistonni walitti yoo qindaa’an jecha kalaquu danda’u. Afaan Oromoo keessa jiru tokko irraa jechoota garaagaraa hiika qaban hedduu uumuun akka dandaa’amuudha. Gabaabsi haala ittiin jechoonni haraan uumamaniidha. Himni Afaan Oromoos otoo hiikni isaa hin jijjiiramin gabaabbatee himamuu danda'a.

Rakkooleen dhiyaannaa horsiisaa fi uumama jechoota Afaan Oromoo kitaabilee seerlugaa filataman keessatti mul’atanilaalchise qoqqoodiinsa birsagoota fi uumamni jechootaa birsagootaan uumamanii tokko tokko sirrii kan hin taaneedha.

Dhimmoota horsiisaa fi uumama jechoota Afaan Oromoo iratti bal’inaan hin xiyyeeffanne. Caasaaleen dhamsagootaa jechoota uumuudhaaf walitti dhufanis sirnaan kan qindaa’an akka hin taane qorannoon kun addaan baasee xiinxaleera.Haaluma kanaan qorannoon kun akka xiinxalee addaan baasetti kitaaba kana fuulota addaa addaa keessatti hanqinni qoqqooddii birsagootaafi caasaalee isaa waliin walqabatan ilaalchisee hanqinni jiraachuu addaan baaseera.

## 5.2 Argannoowwan Qorannichaa

Argannoowwan qorannoo kanaa kitabilee qorannichaaf dhiyaatan mata dure qorannichaa ‘Xiinxala dhiyaannaa qabiyyee horsiisaa fi uumama jechoota Afaan Oromoo: Kitaabilee seerluga Afaan Oromoo filataman keessatti’ jedhu irratti hundaa’uudhaan sakatta’iinsii fi xiinxallii gadi fagoo ta’e erga adeemsifamee booda kan argameedha. Argannoowwan qorannoo kanaas malleen qorannichaa garaagaraa boqonnaa sadii keessatti dhiyaatan irratti hundaa’uudhaan geggeeffaman ilaalchisee akkaataa armaan gadiitti dhiyaatanii jiru.

Jechi wanta sagaleerraa uumamu, kan hiika qabu, kutaa seerlugaa afaaniiti. Qindaayina sagaleetiin uumama sagaleewwan dubbifamtoonnii fi dubbachiistonni walitti yoo qindaa'an jecha kalaquu. Jechoonni Afaan Oromoo dubbachiistota qofaa irraa uumamuu. Haa ta'u malee jechoonni Afaan Oromoo dubbifamaa qofaa irraa uumamuu hin danda'an. Jechi Afaan Oromoo sagaleewwan dubbifamaafi dubbachiiftuu irraa kan ijaaramaniidha. Jecha hiika qabu tokko irraa jecha biraa ijaaruun ni dandaa'ama. Duraa duuba sagalootaa jijjiiruun jechoonni haaraa ni uumamu.

Dhamjecha Hirkataan gosoota sadii qabu. Isaanis: Dhamjecha hirkataa dureefidhamjechihirkataa gidduunafaanota tokko tokko keessa jira malee Afaan Oromoo keessa hin jiranu. Dhamjecha hirkataa duubeen dhuma jechaa irratti maxxanee gala.

Seerri hundee hordofamuu hafnaan seerri ittiin jechoota baratan, barsiisaaniifi dubbatan walbuusaa. Jechoonni hundee xumurtuulee bamaqaalee waliin walitti dhufanii jechoota haaraa hedduu uumuu. Hundeen jechaa xumurtuun irraa horsiifaman bakka adda addaatti fufiileen wal-fakkaatan akkuma jiran kanneen adda addaas ni jiru. Hundeen jechaa qaama jechaa erga fufiileen irraa haqamanii argamu ta'ee, yaadrimee jechichaa baatuudha. Afaan Oromoo keessatti hundeen jechaa dubbifamaan xumurama. Hundeen jechaa fufiilee adda addaa ofirraa hin qabani. Fufachuuf garuu qophii kan taa'aniidha.

Jechoota bu'uuraa afaan tokko keessa jiran bu'uureffachuun jechoota lakkoofsaan daanga maleessa ta'an xinjechatti gargaaramuun ijaaruun ni dandaa'ama. Xinjechi dame xinqooqaa ijaarsa jechootaa (hormaataa fi yaasaa) ibsuu irratti gahee guddaa qabuudha.

Qabiyyee isaanii irratti hundaa'uun dhamjecha walabaafi dhamjecha hirkataa jedhamuun qoodamuu. Dhamjechi walabaa of danda'ee dhaabbachuu isaatiin kanneen kaanirraa adda ta'a. Dhamjechi ykn latiin dhamjecha tokkoo ol of keessaa qabu hin jiru. Sababiin isaas dhamjecha tokkoofi isaa ol kan of keessaa qabu jecha malee dhamjecha waan hin taaneefi. Afaan Oromoo keessatti dhamjechi walabaa iddoo lamatti hiramuu dandaa'a. Isaanis: dhamjecha hiikaafi tajaajilaati.

Fufiin gosa dhamjecha hirkataa ta'ee, hundeettii fufamuun hiika kan jijjiiru ykn tajaajila caasluga adda addaatiif kan ooluudha. Akaakuwwan dhamjecha kanaa bakka garaagaraatti qoqqooduun akka kanaa gadiitti xiinxaluun ni dandaa'ama. Isaanis: Dhamjecha hortee fi dhamjecha uumamtee jedhamuu isaanii

Afaan Oromoo keessatti jechoonni adeemsa garaagaraatiin uumamuu danda'u. Isaanis: yaasaan, suphuun, diigalaan gabaajee ta'u.Yaasaan jechonni haaraan ittiin uumaman ta'ee, baay'inaan dhamjechoota uumamteetti kan dhimma ba'uudha. Dhamjechoota kana keessaa gochimeessitoota, maqeessitootaa fi maqibsitoota fayyadamuudhaani. Suphuutiinjechoonni Afaan Oromoo ittiin uumaman keessaa isa tokkoodha. Adeemsa jechoonni ittiin uumaman kun jechoota lama ykn isaa ol qaama isaaniirraa muruudhaan kanneen hafan walitti suphuudhaan geggeeffama.

## 5.3 Yaboo Qorannichaa

Qorannoo kana keessatti hanqinaalee garaagaraa mul'ataniif yaadolee furmaataa gara fuula duraatti ta'uu qaban mata duree kana jalatti kan dhuhaatan ta'anii jiru. Kanaafuu yaboon ykn yaadoleen furmaataa akkaataa armaan gadii kanatti dhiyaatanii jiru.

Hanqinaaleen dhiyaannaa qabiyyee horsiisaa fi uumama jechootaa kitaabota seerlugaa qorannichaaf filataman keessatti mul'tanii waan jiraniif gara fuula duraatti namonni kitaabolee adda addaa barreessan dogoggoroota akkanaa irraa sirrachuun barreessuu qabu.

Jechoonni tokko tokko bakka barbaachisaniifi bakka isaanii eeganii hin barreeffamin ni jiru. Jechoonni akkaataa kanaan barreeffaman bakkaa fi qabiyyee isaanii eeganii barreessuun dubbistootaaf akka dhiyaatu taasisuun barbaachisaadha.

Jechoonni gabaabsaaf dhiyaatanii fi kan gabaabsamanii argaman garaagarummaa qabu waan ta'eef, dhimma kana irratti barreessitoonni kitaaba seerluga Afaan Oromoo barreessan ofeeggannoon barreessuun barbaachisaadha.

Jechoonni haaraan uumamanis ta'e kanneen duraan jiran kitaabilee dhiyaatan  keessatti iddoo hundatti beekamoo ta'uu dhiisuu malu. Kanaafuu kitaabni barreeffamu tokko haala loqoda waliigalaa irratti xiyyeefachuudhaan qophaa'uun barbaachisaadha.

## Kitaabilee Wabii


Addunyaa Baarkessaa (2012). *Natoo: Seerluga Afaan Oromoo*. Finfinnee

Azkiya & Dran. (2012).” Word formation Analysis On English terms form Toyota Yasis’’:Acase study on automotive Magazine. Dipongoro University: Semarang.

Crisnova K.(2020). *Analysis of Word Formation In Instagram of Sharena Delon*: Morphological Approach. Putera Batam University

Dastaa Dassaleng (2013). *Bu’uura Qorannoo. Haala Dhiyeenyaa Durdurii Ormoo Safuu Barsiisuuf, Yuuniversitii Addis Ababa.* MA Thesis: Printing by Far East TradingP.L.C.

Dooley, D.(2004).*social Research Method (3rd ed.)* Chicago: Chicago University.

Filee Jaallataa,(2019).Malleen qorannoo,Finfinnee ,Oromiyaa, mana maxxansaa:ADP (printing press)

Fitsum Wasanee Bashaa (2021). Seer-luga Afaan Oromoo. Mana Maxxansaa Meeggaa. Finfinnee.

Gaaddisaa Abarraa (2001). Seerlugaafi Hundee Jechoota Afaan Oromoo.Aster Negga Publishing Interprize. Addis Ababa.

Geetaachoo Rabbirraa (2015) Quba Qabduu? Bu’uuraalee Barnoota AO. Dhaabbata Maxxansaa Kurraaz Internaashinaalii. Finfinnee.

Geetaachoo Rabbirraa(2019)Furtuu-Seerluga Afaan Oromoo maxxannsa 6ffaa.Dhaabbata maxxansaa Kurraaz Internashinal. Finfinnee

Hatch. E & Brown, Ch.(1995).*Vocabulary, Semantics, and Language Education.* USA:Cambrige University Press.

Ikiraam Ahimad (2013).Naanniga – Bu’uuraalee Seerluga Afaan Oromoo.Jimmaa, Oromiyaa.

Kedir Abda (2019). *Analysis Of Morphological Properties Of Arsi-Bale Word Classes With Special Reference To Arsi-Bale Noun Morphology*. India; Punjabi University,Patiala.

Niguss Weldezgu (2009). *The Impact of Rayya Dialectal Variation and Amharic on Medium of Instruction:* The Case of Alamata Primary Schools. Raya University, Ethiopia.

O’Grady, Willian G. (1996). *Contemporary Linguistics: AnIntroduction*. United Kingdom:Longman.

Tafari Kumsa (2019) Agrammar Of Rayya Afan Oromoo: Documentation and description

(Ph.D) dissartetion. Ethiopia: Addis Ababa Univetrsity.


Temesgen Negassa (1993).'' Word Formation in Oromo'', (MA) Thesis. Addis Ababa University; Unpuplished.

Wasanee Bashaa (2008). Bantuu Haaraa- Caasluga Afaan Oromoo. Mana maxxansaa Meeggaa.Finfinnee.

Wakweya Olani (2014): Inflectional Morphology in Oromo: A thesis submitted to the department of Linguistics: Presented in partial fufilment of for the requirmemnts for the degree of the Masters of Arts in Linguistics: Addis Ababa University.


## 1. Mul'istuu 'A'

Seerluga Afaan Oromoo (Oromo Grammar): Saaqaa Afaan Oromoo ( Oromo Guide): Fitsum Wasanee Bashaa Yaadateetiin (2014/21) : Maxxansa 17ffaa (17th Edition)



## 2. Mul’istuu ‘B’

Furtuu-Seerluga Afaan Oromoo (Oromo Grammar): Kutaa 9 fi 10: Maxxansa 6ffaa (2019): Geetaachoo Rabbirraan qophaa’e.




## 3. Mul’istuu ‘C’

Quba Qabduu? Bu’uuraalee Barnoota Afaan Oromo: Kutaa 5-8, (2015): Geetaachoo Rabbirraatiin kan qophaa’e



## 4. Mul'istuu 'D'

Seerlugaa fi Hundee Jechoota Afaan Oromoo (2001): Maxxansa duraa Gaaddisaa Abarraatiin maxxanfamee



## 5. Mul'istuu 'E'

Natoo: Yaad-rimee Caasluga Afaan Oromoo (2017: Addunyaa Barkeessaatiin si'a ja'affaaf maxxanfamee

